# XINXALA BARREEFFAMA KEEYYATA BARATTOOTA AFAAN OROMOO GODINA SHAWAA BAHAA AANAA BOORAA MANA BARUMSAA SADARKAA 2FFAA BOORAA KUTAA 9FFAA

ADDUNYAA LATAA NAMARRAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA)

AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN

GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI

FOOKLOORII, KOOLLEJJII NAMOOMAA

DHAABBATA QO’ANNOO AFAANII

JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTIITTI

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

SADAASA 2014/2021

FINFINNEE

# XIINXALA BARREEFFAMA KEEYYATA BARATTOOTA AFAAN OROMOO GODINA SHAWAA BAHAA AANAA BOORAA MANA BARUMSA SADARKAA 2FFAA BOORAA KUTAA 9^FFAA

ADDUNYAA LATAA NAMARRAA
GORSAAN: DR. AMAANU’EEL ALAMAAYYOO

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUU FI FOOKLOORII, KOOLLEJJII NAMOOMAA DHAABBATA QO’ANNOO AFAANII JOORNAALIZIMII FI QUNNAMTIITTI YUUNIVARSIITII FINFINNEE

SADAASA 2014/2021
FINFINNEE

**Yuunivasiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Digrii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii Lammaffaa(MA) Afaan Oromoo barsiisuu guuttachuuf Addunyaa Lataatiin mata duree: ***xinxala Barreeffama Keeyyata Barattoota Mana Barumsa Sadarkaa 2^ffaa^ Booraa Kutaa 9^ffaa^*** *kan* jedhu irratti qophaa'e sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa______________________________Mallattoo____________ Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa____________________________Mallattoo____________Guyyaa____________

Gorsaa ________________________________Mallattoo _____________Guyyaa___________

____________________________________________________________________________.

Itti gaafatamaa Muummee ykn Walitti qabaa sagantaa digrii Lammaffaa(MA)

# Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa, rakkoo ogummaa keeyyata barreessuu barattoota kutaa 9ffaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Booraa adda baafachuunfi madda rakkinichaa ibsuudha. Rakkoo kana qorachuuf saxaxa qorannoo ibsaatti gargaarameera. Galma ga'uu kaayyoo kanaaf meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman lama yoo ta'an isaanis qormaatafi af-gaaffiidha.Hanqina keeyyata barreessuu barattootaa adda baasuuf jecha barattootni keeyyata tokko tokko akka barreessan gochuun oddeeffannoon sassabameera. Af-gaaffiin immoo madda hanqina keeyyata barreessuu barattootaa kanneen tahan adda baasuuf odeeffannoo barattootaafi barsiistota irraa walitti qabuuf tajaajileera.Qorannoo kanaaf madden odeeffannoo kan ta'an, barsiisota Afaan Oromoo barsiisan 3 fi barattoota 21 dha. Barsiisonni kan filataman mala argamteen yoo tahu, barattootnii immoo mala carraadhaan filaman.Odeeffannoon walitti qabame kunis, mala qoranoo akkamtaan xiinxalamee qaacceeffameera.Ragaaleen qaacceeffamanis hanqina ogummaa keeyyata barreessuu barattootaa adda baaseera. Isaanis rakkoo hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baafachuu, rakkoolee walta'iinsaa, tartiibaafi tokkummaa yaada keeyyataa eeguu dhabuun akka ta'an adda baheera. Itti dabalees, hanqina ogummaa barreeffama harkaa, rakkoo jechoota sirriitti qubeessuu, sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu dhiisuu, unka barreeffamaa eeguu dhabuufi dogoggora fayyadama qub-guddeessaa ta'uun beekameera. Akkasumas madda rakkoo Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattootaa qorannoon kun ragaarratti hunda'uun ibseera. Isaanis, akkaataa yaad-deebii kennuu barsiisaa, keeyyata barreessuu ilaalchisee beekumsaafi shaakala gahaa dhabuu barattootaa, hanqina sirna barnootaafi kitaabilee barnoota akka ta'an ibsameera.Akkasumas yaadoleen furmaata jedhamanii kan qorataa kanaan kahamanis shaakala walitti fufaa gochuu akka qaban, barsiisonnis dubdeebii barattootaaf gochuu akka qabaniifi qopheessitootni sirna barnootaa dandeetti barreeffamaarratti xiyyeeffanna kennuu akka qaban dhiyyatani jiru.*

## Galata

Hunda dura, hojii ko hundumaa keessatti nagargaaree asiin kan na ga‟e Waaqayyo haa ulfaatu! Itti aansuun, hojii qorannoo kootii kana jalqabaa kaasee hamma dhumaatti nuffeefi dadhabe otoo hinjedhiin naa qajeelchuu fi sirreessuun kan nafaana dhama‟an Dr.Amaanu'eel Alamaayyoo tiif galanni koo guddaadha.

Qorannoo kootiif madda odeeffannoo ta‟uun milkaa‟ina qorannichaa keessatti ga‟ee olaanaa kan taphatan barsiistuu Mabiraatee Gurmuu fi Araggaa Bulchaa galateeffadha. Kana cinaattis fiixaan ba‟iinsa hojii kootii kana keessatti ga‟ee guddaa kan qabu obboleessako Silashii Lataatiif galanni koo guddaadha. Akkasumas hoggana mana barumsaa sadarkaa $2^{ffaa}$ Booraafi barattoota mana barumsaa Booraa kutaa $9^{ffaa}$ odeeffannoo naaf kennan hundaaf galata guddaan qaba.

Walumaa galatti, jalqabaa kaasee hamma dhumaatti deeggarsa ogummaa, meeshaafi maallaqaa kan naataasisan hundaaf galanni koo isaan haa ga'u

# Baafata


Qabiyyee fula

Axereeraa ... i

Galata ... ii

Baafata ... iii

Boqonnaa Tokko: Seensa ... 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ... 1

1.2.Ka'umsa Qorannichaa ... 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ... 3

1.3.1.Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ... 3

1.3.2.Kaayyoo Gooree Qorannichaa ... 3

1.4.Faayidaa Qorannichaa ... 3

1.5. Daangaa Qorannichaa ... 4

1.6. Hanqina Qorannicha ... 5

1.7. Qindoomina Qorannicha ... 5

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ... 6

2.1. Seenaa Barreeffama Afaan Oromoo ... 6

2.1.1. Maalummaa Barreessuu ... 6

2.1.2. Faayidaa Barreessuu ... 7

2.1.3. Ogummaa Barreessuu Daree Keessatti Barsiisuu ... 8

2.1.4. Barreeffama Barattootaa Madaaluu ... 10

2.1.5. Keeyyata Barreessu ... 11

2.1.5.1. Maalummaa Keeyyata ... 11

2.1.5.2. Caasaalee Keeyyataa ... 12

2.1.5.3. Amaloota Keeyyataa ... 12

2.1.5.4. Akkaataa Keeyyatni Itti Barreeffamu ... 14

2.1.6. Hanqina Ogummaa Keeyyataa Barreessuu ... 14

2.1.6.1. Hanqina Barreessuu Akka Waliigalaatti ... 14

2.1.6.2. Hanqina Keeyyata Barreessuu ... 15

2.1.6.3. Madda Hanqina Ogummaa Keeyyata Barreessuu Akka Waliigalaatti ................ 15
2.1.6.4. Madda Hanqina Keeyyata Barreessuu ................................................................ 18
2.2 Sakatta'a Qorannoo Wal fakkii ........................................................................ 19
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa ................................................. 21
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........................................................................................ 21
3.2. Madda Ragaalee Qorannicha ........................................................................... 21
3.3. Irrawwatamtoota ............................................................................................... 22
3.4. Mala Iddattoo Iddatteessuu .............................................................................. 22
3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman ................................................ 23
3.5.1. Qormaata ...................................................................................................... 23
3.5.2. Af-Gaaffii ..................................................................................................... 24
3.6. Qindeeffamaafi Mala Qaacceessa Ragaalee .................................................... 24
Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo ...................................................... 25
4.1. Xiinxalaafi Ibsa Keeyyattoota Barattootni Barreessani .................................... 25
4.2. Hanqinoota Keeyyata Barreessuu Barattootaa ................................................ 38
4.3. Madda Hanqina Keeyyata Barreessuu Barattootaa .......................................... 39
4.3.1. Dhimmoota Barataa Ilaallatan ...................................................................... 39
4.3.1.1. Akkaataa Keeyyatni Itti Barreeffamu Beekumsa Gahaa Dhabu ................. 39
4.3.1.2. Shaakala Keeyyata Barreessuu Dhabuu ..................................................... 40
4.3.1.3. Dhibaa'ummaa ............................................................................................ 41
4.3.2. Dhimmoota Barsiisaa Ilaallatan ................................................................... 42
4.3.2.1. Akkaataa Yaada-deebii Kennuu Barsiisaa .................................................. 42
4.3.2.2. Hanqina Dandeettii Barreeffama Irratti xiyyeeffannaa Kennuu Barsiisaa ........... 43
4.3.3. Dhimmoota Mana Barumsaa Ilaallatan ........................................................ 43
4.3.3.1. Hanqina Kitaabaafi Barruulee Afaan Oromoo ............................................ 43
4.3.3.2 Hanqina Mana Kitaabaafi Tajaajila" Internet" .............................................. 44
4.3.4. Dhimmoota Sirna Barnootaa Ilaallatan ........................................................ 45
4.3.5. Kanneen Biroo Madda Rakkinichaa Tahan .................................................. 45
4.3.6. Yaadota Akka Furmaataatti Deebistootaan Dhiyaate ................................... 46

Boqonnaa Shan:Cuunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa ............................................................ 47
5.1. Cuunfaa ........................................................................................................................ 47
5.2. Argannoo ....................................................................................................................... 47
5.3. Yaada Furmaataa ......................................................................................................... 49
Wabiilee ................................................................................................................................ 51
Dabalee A .............................................................................................................................. 53
Dabalee B .............................................................................................................................. 54
Dabalee C .............................................................................................................................. 55

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan barreeffamaa ta’ee manneen barnootaafi dhaabbilee barnootaa adda addaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessatti irra caalaatti baratamaa jira. Kana qofa osoo hin ta’iin,yuunivarsiitota biyyitti adda addaa keessattis akka gosa barnootaa tokkootti of danda’ee barsiifamaa jira. Haaluma kanaan,barattootnis Afaan Oromoo akka muummeetti filachuun Yuuniversiitota adda addaa keessatti hanga sagantaa barnoota digirii $2^{ffaa}$tti barachaa jiru.Kana malees yeroo ammaa kana Yuuniversiitota kan akka Finfinneefi Wallaggaa keessatti Afaan Oromootiin sagantaan digirii $3^{ffaa}$ eegalamee barsiifamaa jira.Barattootni kun guddina aadaa uummatichaafi afaanichaaf gahee guddaa qabu.Barattootni kun kutaa $1^{ffaa}$ hanga Yuuniversiitiitti afaan kanaan barataa yeroo dhufan dandeettifi beekumsa manneen barnootaa sadarkaa adda addaatti barataa turan irraa kan kuufatan qabu jechuudha. Ogummaafi beekumsa barattootni kuufatanii qaban keessaa tokko ogummaa Afaan Oromoon barreessuu isaanii akka ta’e beekamadha.

Ogummaaleen afaanii bu’uura ta’anis: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuudha. Ogummaan barreessuu akka ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu salphaatti hin baramu. Ogummaan barreessuu xiyyeeffannaan itti kennamee mana barnootaatti kan baratamudha. (Atkins,Hailom& Nura 1996;Langan,2005).Barattootni sadarkaa barnootaa irra jiran wajjiin kan walqixa ta’e akka barreessaniifi fooyyessanii bareessuu qabanitu irraa eegama,kana gochuus qabu(Guth,1989,Pxviii).Kanaafuu, dhaabbileen barnootaa sadarkaa gad aanaa irraa hanga sadarkaa olaanaatti jiran hundi barataan tokko sadarkaa isaa wajjiin kan wal gitu ogummaa barreessuu akkamii barachuu akka qabu sirna barnootaa irratti kan hunda’ee kaayyoo isaanii keessatti ifatti ni kaawwatu (Guth,1989,Pxviii).

Haaluma kanaan, mana barumsaa keessatti barreeffamni barataan barreessu tokko sadarkaa barumsaa barattichaa wajjin wal gitu qaba. Innis himoota sirriitti ijaaraman, sirna tuqaalee, hiika barbaadame dabarsuuf tajaajilan fayyadamuu, qubee sirriitti barreessuu danda’uudha jechuun (Guth,1989,P11) ni ibsa. Yaadni nama kanaas” ….the major difficulties of students writing are related to sentence construction,spelling and vocabulary” kan jedhu irraa kan fudhatamedha.

Ogummaan Afaan Oromootiin barreessuu ilaalchisee barattootni hedduun rakkoo yookiin hanqina ogummaa barreessuu akka qaban qorattootni ni ibsu(Balaay,2007). Barattootni hedduun hanqina ogummaa barreessuu qabu, barreeffamni sirriitti of ibsuufi yaada isaanii calaqqisiisuu hin danda'an jechuun White(1994,Pxiii) qaaccessee kaa'a. Haaluma wal fakkaatuun Beekan (2014)hanqinoonni gama qulqullina barreeffama Afaan Oromootiin mul'atan guddina afaanichaa irratti warren dhiibbaa fidaa jiranidha jedha. Keessumattuu wantootni dogoggoraan barreeffaman gama guddina barreeffama Afaan Oromootiin yoo ilaalle gufuu ta'uun beekamaadha jedhee ibsa. Barreessitootni jechoota irraa hima ijaaruu, himoota irraa keeyyata, keeyyatoota irraa immoo barruulee garaagaraa kanneen akka xalayaa, gabaasaafi kkf ijaaruu(Hart fi Reinking 1990,P11).Keeyyatni himoota muraasa irraa kan ijaaramuu yaada tokkicha kan ibsu bu'uura barreeffamaa yookiin ogbarruuti.(Omisha fi Ann Hogue,2006,P65).Keeyyata barreessuun jalqaba ogummaa afaan barreessuuti.Hanqinni keeyyata barreessuus rakkoo furmaata argachuun fooyya'uu danda'udha.Haaluma kanaan daree barumsa Afaan Oromoo keessatti dandeetti barreessuu keeyyata barattoonni horachuun tajaajila waljijjirraa yaada keessatti gahee ol-aanaa waan qabuuf adeemsa baruufi barsiisuu Afaanii keessatti qabatamaa tasisuun barbaachisaadha.Haa ta'u malee,mana barumsa sadarkaa 2ffaa Booraa keessatti barattootni kutaa 9ffaa Ogummaa keeyyata barreessuu irratti hanqina qabu. Kanaafuu, kaayyoo barumsa Afaaniitiin walbira qabamee yoo ilaalamu hanqina barattootni qaban kun guddina Afaanii egereetiif gufuu waan ta'eef furmaata isaa barbaaduun barbaachisa ta'ee argame. Haaluma kanaan, madda rakkoo kanaa adda baasuun furmaata isaa egreef malirratti hojjetamuu akka qabu qorannoo kana keessatti ibsamee jira.

**1.2.Ka'umsa Qorannichaa**

Qorannoon kun barattootni mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Booraa kutaa 9ffaa baratan keeyyata barreessuu ilaalchisee hanqina yookiin dogoggora isaan qabaniifi maddi hanqinichaas maal fa'a akka ta'e adda baasuun furmaata barbaaduuf kan gaggeeffamedha.Mana barumsaa keessatti ogummaan barreessuu akka ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu waan salphaatti baramu osoo hin tahiin, xiyyeeffannaafi hordoffii akkasumas shaakala kan barbaadudha.(Langan,2005).Barattootni daree barnoota keessa jiran hanqina yookiin cimina ogummaa keeyyata barreessuu qabaachuu ni qabu.

Muuxannoo Afaan Oromoo barsiisuu qabu irra ka'uun barattootni kun keeyyata barreessuu ilaalchisee hanqinoota hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa eeganii barreessuu akka qaban ni mul'ata.Kanaafuu haala ragaa qorannoo irratti hunda'uun xiinxala barreeffama keeyyata barattoota Mana barumsa sadarka [2ffaa] Booraa kutaa 9[ffaa] kana qorachuun ka'umsa qorannichaati.Sadarkaa kutaa 9[ffaa]tti hanqinni ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota maalfaati? hanqina kanaaf madda kan ta'e eenyufaadha? Haaluma kanaan ,qorataan kunis gaaffilee bu'uura armaan gadiif deebiin ni kennama jedhamee abdatama.

1.Hanqinni ogummaa keeyyata barreessuu barattoota kanaa maali?

2.Maddi hanqina keeyyata barreessuu barattootaa kun maali?

3.Rakkoo kana furuuf barattootnifi barsiisootni maal gochuu qabu?

**1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

Qorannoon kunis kaayyoolee gooroofi gooree of jalatti kan hammatudha.

**1.3.1.Kaayyoo Gooroo Qorannichaa**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanas,hanqina barreeffama keeyyata barattoota mana barumsaa sadarkaa 2[ffaa] Booraa kutaa 9[ffaa] xiinxaluudha.

**1.3.2.Kaayyoo Gooree Qorannichaa**

Kaayyooleen gooree qorannoo kanaas:

1. Hanqina ogummaa keeyyata barreessuu barattootni qaban ifa gochuu.

2. Madda hanqina keeyyata barreessuu barattootaa adda baafachuun ibsuu.

3. Hanqina kana furuuf yookiin xiqqeessuuf barattootnifi barsiisootni maal gochuu akka qaban ibsuu.

**1.4.Faayidaa Qorannichaa**

Yeroo ammaa kana Afaan Oromoo afaan barnootaa, afaan hojii, afaan daldalaafi dippilomaasii ta'ee tajaajila jira.Akkasumas immoo afaan biyyooleessaa ta'uuf kan deemaa jirudha.Kanaafuu afaan kana guddisuuf sadarkaa mana barumsaatti ogummaawwan afaani arfan irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Ogummaawwan kanneen keessaa ogummaan barreessuu irra

caalaa mana barumsaatti sadarka sadarkaan waan baratamuuf ogummaa kana irratti rakkoo jiru qorachuun barbaachisaadha. Barattootni mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Booraa kutaa 9ffaa hanqina keeyyata barreessuu ni qabu. Dogoggora keeyyata barreessuu kana qorachuun milka'ina barnoota afaani barattoota kanaaf bu'aa qaba jedhamee yaadameeti. Hanqinni ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattootaa daree barnootaa keessa jiraachuu adda baasuufi maddi hanqinichaa maal akka ta'e ragaa qabatamaan ifa yoo ta'e faayidaalee armaan gadii ni qabaata:

1. Barsiisonni Afaanicha barsiisan yoo ogummaa keeyyata barreessuu irratti xiyyeeffatanii Hojjetan barattootni keeyyata sirrii akka barreessan ni gargaara.
2. Barattootni hanqina keeyyata barreessuu qaban yoo gargaarsaafi deeggarsa addaa argatan akka fooyyeffatan taasisuun keeyyata gaarii tahe barreessuu danda'u.
3. Namoota mata-duree walitti dhiyeenya qaban irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif odeeffannoo kennuuf akka wabiitti gargaaruu mala.
4. Qorannoon kun barattoota, barsiisotaa mana barumsichaafi qorattoota Afaan Oromoo irrattiqorannoo gaggeessan ni fayyada. Akkasumas barreeffamni qorannoo kun yoo mana kitaabaa kaa'amee akka namoonni dubbisaniif ni fayyada.

**1.5. Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun xiinxala rakkoo ogummaa barreeffama keeyyata barattoota mana barumsa sadarkaa 2ffaa Booraa kutaa 9ffaa keessatti mul'atan kanneen akka itti fayyadama hima ijoo,hima callaa,hima goolabaa,hanqina qub-guddeessaafi sirna tuqaalee keeyyata keessa jiran irratti xiyyeeffata.Gama bakkaan immoo Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa BooraaMana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Booraa kutaa 9ffaa irratti kan xiyyeeffatudha. Yeroon qorannichaas, bara 2012ti. Akkasumas, odeeffannoo bal'aa argachuuf jecha barsiisota kutaa 9ffaa mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisan hunda irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun dandeetti barreessuu sadarkaa barruulee hin hammatu. Keeyyata qofa irratti kan xiyyeeffatudha.

### 1.6. Hanqina Qorannicha

Hanqinni qorannoo kanaa inni guddaan, barattoota dhimmi kun ilaallatu mana barumsaa Booraa sadarkaa 2ffaa kutaa 9ffaa tti Afaan Oromoo barataan irratti gadi fageenyaan qorachuu dhabuudha. Kun ammo, hanqina yeroo, maallaqaafi leecalloo biro qorannoo kanaaf barbaachisan irraan kan ka’eedha. Kanaafuu, odeeffannoon qorannoon kun ittiin guurame af-gaaffiifi qormaata qofa tahuun ragaa gadi fageenyaan sassaabuufi xiinxaluu irratti hanqina ni qaba.Akkasumas barattoota dhimmi kun ilaallatuu mana barumsaa sana keessatti argachuun gaaffii dhiyeessuun sababa rakkoo korona vaayireesirraa kan ka’e hanqina guddaatu na mudatee jira.

### 1.7. Qindoomina Qorannicha

Qorannoon kun xinxala barreeffama keeyyata barattoota mana barumsaa sadarka 2ffaa Booraa kutaa 9ffaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo taʽu, qorannichis boqonnaalee garaagaraatti qoqqoodamee dhihaatee jira. Haaluma kanaan, boqonnaan tokkoffaan seensa, Ariirrata Qorannichaa kaʽumsa, kaayyoo, Faayidaa, daangaa, hanqina qorannoo fi qindoomina Qorannoo of jalatti hammata. Boqonnaa lammaffaan ammoo, Maalummaa barreeffama, amaloota keeyyataa, gosoota keeyyata,caasalee keeyyata,yaaxina qorannichaa fi sakkatta’aa qorannoo walfakkii of keessatti hammata. Boqonnaa sadaffaan, Saxaxaa , Malleen Qorannichaa,madda ragaalee, meeshaalee funaansa raga,mala iddattoo iddatteessufi qindoominaafi mala qacceessa ragaa kan qabatu yoo taʽu, boqonnaa arfaffaan ammoo, ragaalee jiran dhiheessuu, qaaccessuu fi ibsuu qabata. Boqonnaan shanaffaafi inni xumuraas cuunfaa, argannoo fi yaada furmaata of keessatti hammata.

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

## 2.1. Seenaa Barreeffama Afaan Oromoo

Afaan Oromoo,afaanota gaanfa Afrikaa keessatti dubbataman keessaa isa dubbattoota hedduu qabu akka ta'e ragaaleen adda addaa ni mul'isu (Gadaa,1988). Ta'us,biyya kana keessatti barreeffamni Afaan Oromoo seenaa bara dheeraa hin qabu. Bara 1970 dura Afaan Oromoo barreessuun kan danda'amu qubee Afaan Gi'iizii yookiin qubee Afaan Arabaa qofa fayyadamuun (Gadaa,1988: Gragg, 1976). Jalqaba 1970 Addi Bilisummaa Oromoo qubeen Laatinii Afaan Oromoo barreessuuf akka oolu filate (Beekan, 2014). Bara 1974-1991 Afaan Oromoo qubee Gi'iiziitiin akka barreeffamuufi tajaajila walqunnamtiif akka oolu murta'ee ture (Gragg,1976:Beekan, 2014). Haaluma kanaan ,sadaasa 3,1991 wal ga'ii beektota Oromoo, Adda Bilisummaa Oromoon adeemsifameen qubeen Laatinii madaqfamee yookiin barsiifamee akka hojiirra oolu murta'ee (Beekan,2014).

Yeroo ammaa Afaan Oromoo afaanota qubee Laatinii fayyadamuun barreeffamu keessaa isa tokkodha Qubeen Laatinii sadarkaa ol-aanaatti tajaajila kennaa jira.Kun immoo barataan qubee Afaan Oromoo beeku tokko qubee Afaan Ingilizii yeroo gabaabaa keessatti akka barachuu danda'u taasisa.Akkasumas tajaajila tekinoloojii kompiiteraa keessatti dhimma ba'uuf salphaa ta'uu hubanna(Beekan,2014). Kanaafuu, guddina afaanichaaf, qulqullina dandeettii barreeffama barattootaa irratti xiyyeeffachuun baayyee barbaachisaadha. Yeroo Afaan Oromoo saffisaan guddachaa jiru kanatti dogoggora barreeffamaa mul'atan fooyyessuun barreeffama sirrii ta'e akka barreessaniif barattoota barsiisuun dhimma murteessaadha.

### 2.1.1. Maalummaa Barreessuu

Barreessuun adeemsa afaanii karaa namni tokko ergaan isaa akka darbu barbaadee jechootaan ijaaree itti ibsudha (Michael,2002,P30). Akka yaada nama kanaatti barreessuun hojii sammuu karaa barreessaan al-tokkotti waantota hedduu to'achuun agarsiisudha. Fakkeenyaaf, sadarkaa himaatti:to'anna qabiyyee,unka, caasaa himaa, jecha haarawaa, sirna tuqaaleefi qindoomina qubeewwani kan of keessatti hammatudha. Kanaafuu, adeemsi barreessuu kun al-tokkotti waan hedduufi daran barbaachisoo ta'an irratti waan xiyyeeffatuuf hojii sammuu kan gaafatu ta'uusaa yaada armaan olirraa hubachuun ni danda'ama.

Haaluma yaada armaan olii wajjin wal fakkaatuun, Richard (1990,P4).barreessuun, adeemsa walxaxaa dandeettii barreeffama harkaafi qubeessuutii hanga caasimaatti kan hammatu ta'uusaa ibsa. Ibsa nama kanaarraa akka hubatamutti barreessuun of eeggannootiin itti yaadamee wanta sammuu ofii keessaa namatti dubbataafi yaada jiran tokko haala hiika qabeessa ta'een toora qabsiisanii agarsiisuun nama biraa wajjin wal hubachuu danda'uu akka ta'edha jedha.

Byme (1988,P.32).Gama isaatiin maalummaa barreessuu yeroo ibsu, barreessuu jechuun ogummaa yaadaafi ergaa sammuu ofii keessa jiru jechootatti jijjiiruun waraqaarra ka'uufi dubbisanis akka nuti hubannetti akka hubatu gochuu jechuudha jedhee hiika. Barreessuu barachuun al-tokko tokko teenisii barachuu,hojii mukaa ogummaa biro barachuu wajjin kan walfakkaatudha jedhanii wal bira qabanii kan ibsan Richard (1990,p.31)dha. Akka Yaada namoota kanaatti, barreessuun hojii guyyaa tokkotti yookiin al-tokkotti horatamu osoo hin ta'iin ,shaakalaafi dhamaatee guddaa kan barbaadu ta'uusaati.

**2.1.2. Faayidaa Barreessuu**

Kaayyoofi sababni barreessuu jalqabarratti ergaa tokko dubbisaani bira gahuudha. Kanaafuu,ergaan yookiin yaadumti suniyyu akka qaama barreeffama tokkootti ilaalamuu qaba jechuudha.(Ur,1996,p.163). Atkins, Hailomfi Nura (1996,p.114). Haaluma barreessuutiin yaada ofii ibsachuu kana ilaalchisanii maaliif barreessinaa gaaffii jedhuuf yaada armaan gadii kennu "in real life we write for purpose. Similarly, in the class room ,as with the other skills, any written task needs some purpose behind it." Yaada barressitoota kanarraa akka hubannutti sababa barreessuu keessaa inni guddaan kaayyoo barreessaa sanaati. Innis, barreessaan sun kaayyoo maalii irratti dhimmamee yaada isaa dabarfachuu barbaade kan jedhu ilaallata jechuudha. Kanaafuu, sababa barreessuu keessaa tokko dhimma yookiin kaayyoo barreeffama sanaa ta'uusaa namootni kun ibsu.

Barreessuun sababoota adda addaa akka qabu beektotni afaanii hedduun ni ibsu. Sababa barreessuun barbaachiseef keessaa inni tokko ittiin barachuudhaaf akka meeshaatti gargaaruu isaati (Hedge,1988,p.7).Kana jechuun ammo, gosoota barnootaa hedduu baratamu biraa barreessuun waan hin hafneef, beekumsa sanarraa argatamullee irra caalaa barreessuutiin ifa taasisama jedhamee waan amanamuuf.

Barreessuun, maal akka yaadnu qofa osoo hin taane akkamitti akka yaadnu illee waan nu barsiisuuf dhimmi kun barreessuudhaaf sababa akka ta'uu danda'ullee (Guth,1989,p.244) ni ibsa. Kanaafuu,faayidaa barreessuun namaa kennu mataan isaa barreessuuf sababa ta'uu danda'a jechuudha. Akkasumas barreessuun namoota baratan biratti faayidaa hedduu akka qabuufi namoota yookiin barattoota barataa jiran birattilee karaa beekumsaafi bilchina sammuu akka argataniif akka gargaaruudha. Barreessuun karaa itti odeeffannoon haarawaafi beekumsi waa'ee gosa barnoota biroollee itti argamudha (Glencoe,1996,p.15)

Ogummaa barreessuu daa'immanii irratti xiyyeeffachuun barreessuun akka waan hedduu adda baafatanii beekan taasisa. Barreessuun waanuma sirna barnootaa keessa galuu qabuuf jecha kan akka baratamu ta'e miti. Barreessun barattootni akka barataniif gargaara. Akkamitti yoo jedhame, barreessuun caasluga, jechamafi jechoota haarawaa nuti barsiisaa turre akka beekaniif isaan kakaasa. Lammaffaa, barattootni yeroo barreessan dhimma barreessaa jiran sanarra darbanii waan biroollee barachuu danda'u. Sadaffaa, barattootni yeroo barreessan ija, harkaafi sammuu isaanii waliin taasisanii haala adda ta'een baratu. Barreessan haaluma muddameefi ifaajee waa barreessuun, achumaan ammo waan haarawaa tokko hubata; akkamitti akka yaada sana ibsullee ni barata. Kanaafuu, walitti dhufeenyi cimaan barreessuufi yaaduu giddu jiru, koorsii barnoota afaanii kamiyyu keessatti barreeffamicha bu'a qabeessa taasisa (Raimes,1983,p.3)

### 2.1.3. Ogummaa Barreessuu Daree Keessatti Barsiisuu

Barreessuun, ogummaalee afaanii keessaa barattoota afaan lammataa barataniif qofa osoo hin taane, kanneen afaan tokkoffaa barataniifuu baay'ee rakkisaa ta'uun isaa beekamaadha. Kanaafuu, gaheen barsiisaa barattoota gargaaruufi qajeelchuurratti gama adeemsa barreessuutiinis ta'e waa'ee barreeffama qophaa'ee tokko akka hordofan gochuun hedduu barbaachisa(Richard,1990). Haata'u malee, haalli gorsuufi jajjabeessuu barsiisotni barattootaaf godhan gama lamaaniinuu yoo ta'eyyu, irra caalaa gama adeemsa barreeffamaatiin ta'uu qaba. Kanaafuu, barattootni akka ogummaa barreessuu isaanii gabbifataniif maal gochuutu barbaachisa yaada jedhuuf Raimes (1983). Tooftaalee ogummaa barreessuu itti barsiisan kallatti adda addaatiin keessi. Fakkeenyaaf, barreessuu barsiisuudhaaf karoorri barbaachisaadha jetti. Barreessuu daree keessatti barsiisuuf tooftaalee adda addaa fakkeenyaaf, tooftaalee fakkiifi dubbisatti gargaaramuu, tooftaalee barreeffama qabatamaa tokko barsiisuu, tooftaalee

barreeffama tokko itti barsiisaniifi tooftaalee barreeffama barattootaaf yaada deebii itti kennan beekuufi itti fayyadamuun, dandeettii barreessuu barattootaa gabbisuurratti gahee ol-aana akka qabus(Raimes,1983,p.27-139) bal'inaan ibsiti.

Tooftaaleema ogummaa barreessu ittiin barsiisan kana ammo sadarkaa barnoota barattootni irra jirani irratti hunda'uun bakka sadiitti qoodanii barsiisuudha kanneen jedhan keessaa Adrian Doff(1988) isa tokkodha. Namni kun tooftaalee barreessuu barsiisuu kanas: barreeffama to'annaa, barreeffama qajeelfama irratti hunda'eefi barreeffama walabaa jechuun qoqqoodee kaa'e. Akka yaada nama kanaatti, tooftaa barreeffama to'annaatiin kan barsiifamuu qaban, barattoota sadarkaa tokkoffaadha jedhama. Haalli kun ammo barattoota kutaa 1-8 ta'uu isaaniiti. Gochaalee barreessuu as keessatti shaakalamuu qabanis barreeffama harkaa, qubeewwan garagalchuu, qubeewwan walitti fiduu, jechootaafi himoota sasalphoo yookiin himoota dacha barsiisudha jedha. Akkasumas, gilgaalota kitaaba barataarra jiran akka garagalchan gochuu, akka dubbisuufi akka barreessan gochuunillee gochootuma barreeffamaa tooftaalee kanaan baratamuu qabanidha jedhee yaada isaa ibsa.

Tooftaalee sadan keessaa inni lammataa barreeffama qajeelfamarratti hundaa'een barsiisuudha. Haala barsiisuu kanas, barattoota kutaa 9-12tiif kan oolu ta'uusaa addeessa. Barsiisaan tooftaalee barsiisuu kana kan filatus akkuma barattootni dandeettilee bu'uuraa kanneen akka himoota barreessuu erga beekanii boodadha. Sana booda, barattootni to'annaa barreeffamaa guutummaan guutuutti ta'u jalaa gar-tokkeen bahanii gara bilisaan keeyyata barreessuutti darbu jechuudha.Akka yaada Raimes(1983,p.6)tti. Barreeffamni to'annaa barattoota sadarkaa tokkoffaaf dhihaachuu qaba. Barreeffamni qajeelfama irratti hunda'ee ammo barattoota giddu galeessa sadarkaa lammaffaaf yookiin kutaa 9-12 tiif kan dhihaatudha. Akkasumas barreeffamni bilisaa barattoota sadarkaa ol aanaa jechuun qoqqoodee ka'uuf yaale. Haa ta'u malee, haala qoqqooddii isaa kanaan inni tokko isa tokko keessatti hin argamu jechuu akka hin taanes ni ibsa. Garuu, Atkins,Hailom,fi Nura (1996,p.153) barreeffama qajeelfamaarratti hundaa'e kana kutaa 9-10 fi kan isa walabaa ammo kutaa 11-12 yookiin isa oliif jedhaniiti kaa'u.Haalli yaada armaan oliifi kanneen kana fakkaatan kan isaan tooftaalee yookiin gochaalee barreessuu jedhanii akkaataa ulfaatina isaaniitiin qoqqoodanii kaa'an, kaayyoo tokko fiixaan baasuufidha. Kaayyoon kunis barattootni haala kanaan sadarka sadarkaadhaan yoo baratan, barreeffama gahaa tokko qopheessuu akka danda'aniif jechuudha. Barreeffama gahaa kan jedhamu ammo, qunamtiin

yaadaa ifaa, qulqulluufi cimaa ta'e barreessaafi dubbisaa yookiin dhaggeeffataa gidduu yoo jiraatedha. Kanaafuu, gaheen barsiisaa tooftaalee barsiissuutti fayyadamee barsiisuu qabu tokko waan akka salphaatti ilaalamu miti jechuudha.

### 2.1.4. Barreeffama Barattootaa Madaaluu

Waa'ee ogummaa barreessuu barattootaa ilaalchisee, madaallii taasifamu yoo fudhanne, gama lamaan akka ilaallu nu taasisa. Innis, gama ogummaa barreessuu barattootaa gabbisuu yookiin ammo ogummaa isaanii kana doomsuutiin jechuudha. Haala kana ilaalchisee,White(1994-142) akka armaan gadiitti yaada isaa ibsa. Gahumsi yookiin ogummaafi tooftaan barsiisaan barreeffama barattootaa  madaalu sanaa murteessaadha jedha. Sababni isaas, barsiisaan sun seeraan barreeffamicha hin madaalle taanaan, ogummaa  barreessuu barattoota irratti dhiibbaa badaa yookiin hamaa fiduufi madda hanqina ogummaa  barreessuu isaanillee akka ta'udha. Gama birootiin ammo haala barbaachisaa ta'een dogoggora barreessuu isaan uuman akkaata isaan itti sirreeffachuu qabaniin yoo madaalle ogummaa isaanii gabbifachuu akka danda'an godha.

Qormaanni filannoo kan jalqabaafi dhuma sagantaa barnootaa keessatti ogummaa barreessuu barattootaa madaaluuf kennamu baayyee rakkisaa akka tahe White(1994)ni ibsa. Sababni isaas haalli madaallii akkanaa ogummaa barreessuu barattootaa madaaluuf osoo hin taane shaakalaafi barumsa yeroo gabaabaa keessatti kennameef hangam akka hubatan beekuuf gargaara. Keessumattuu ogummaa sadarkaa gad aanaa akka salphaatti qoratamuu danda'u beekuuf kan kennamudha jedha(White 1994:8)

Raimes 1983, ammo haala madaallii barreeffama barattootaa kana ilaalchistee adeemsa tooftaalee barsiisotni yaad-deebii itti kennuu qaban ibsiti. Yaad-deebii yookiin hojii barreeffamaa barataan tokko qopheessu sororuu ilaalchisee maaliif ilaalchi barsiisotaa akkuma beekamu hanga tokko haala dhihaannaa afaan barsiisuu isaaniifi haala barnoota isaan akka walii galaatti keessatti hojjetaniin murteeffama. Ta'us, gaheen barsiisaa inni guddaan  yaada kennuu danda'uuf barruu qophaa'e sana gadi fageenyaan madaaluudha. Haalli kun ammo, qalama diimaatti fayyadamuun hojii barreeffama barataa tokkoo dogoggora isaa agarsiisuun yookiin sirreessuun barsiifata akka ta'etti ilaalama. Haa ta'u malee, haala dhihaanna barreeffamaa ilaalchisee, gama ilaalcha adeemsa barreeffamaafi barreeffama dhumaarratti yaad-deebiin

kennamu ni gargaara. Akkasumas, gama ilaalcha barsiisaatiinis ta'e kutaa barnootaattiin, ulaagaan sororuufi sakatta'uu barreeffama barataa karaa adda addaa ilaalamu qaba(MCDonoughfi Shaw,1993:189)

Barreeffama barataan barreessaa jiruufi barreesse sana sakatta'uun, sororuun, sirreessuun yookiin yaad-deebii kennuun barreessuu barsiisuu keessatti meeshaalee baayyee barbaachisaa ta'edha. Akkasumas, kutaa barreessuu barsiisuu kamiyyu keessatti gahee ol aanaa taphata.Kanaafuu, barsiisaan barreessuu akka qaama barsiisuutti fayyadamu kamiyyuu, gochaalee dandeetti barreessuu gabbisuu danda'an hedduu barattootaaf kennuu qaba.Kennuu qofa osoo hin taane, abbaltii sana ibsuufi barreeffama isaanii ilaaluun akka keessa deebi'anii hojjetan gargaaruufi yaad-deebii barbaachisaa ta'e kennuufii akka qabudha(White 1994:1).

Haata'u malee, gama birootiin ammo, kutaa bal'aa yookiin kutaa barattootni 70-80 ta'an keessatti barreeffama tokkoo tokkoo barattootaaf yaad-deebii yeroo hunda kennuun kan dhugaa hin taanedha. Sababa hanqina yeroorraa kan ka'e jechuudha. Kanaafuu,furmaata jedhamee kan ta'uu danda'u, yaad-deebii gareetiin kennamuufi barattootumtti waliif kennanidha jechuun (MCDonoughfi Shaw, 1993:24-25, akkasumas Atkinsfi hiriyyootni isaa, 1996:143) ni akeekkachiisu.

Akka waliigalaatti yaadolee armaan oliirraa waan hedduu hubachuun ni danda'ama. Kunis, barreeffama barataa haalaafi tooftaa barbaachisuun sakatta'uun, sororsuun, madaaluun,yaad-deebii kennuun yookiin sirreessuun qaama dandeettii barreessuu barsiisuu keessaa isa guddaadha. Kanaafuu, dhimmoota armaan olitti ka'an kun akka barattootni ogummaa isaanii gabbifatan gochuurratti gahee olaanaa taphachuun akka danda'amu hubatama.

### 2.1.5. Keeyyata Barreessu

#### 2.1.5.1. Maalummaa Keeyyata

Himoonni haala seera qabeessa ta'erra walitti qindaa'anii yaada handhuuraa tokko dabarsan irra kan ijaaramu keeyyata jedhama(Getaachoo,2015:). Keeyyatni bu'uura caasaafi qaama ijoo og-barruuti. Kana jechuun Afaan Ingiliziin "A paragraph is the structural and functional unit of a literature." Waa'ee maalummaa keeyyataa yeroo ibsu Jayakaran(2005:p.7) akkana jedha"the basic unit of any writing, be it a composition, an essay, an article of general nature, ashort story

or even ahumour piece, is the paragraph"jedha. Keeyyatni himoota yaada tokko yookiin ergaa tokko dabarsan irraa kan uumamudha.Himootni keeyyata tokko keessa jiran akka maatii mana tokko keessa jiruu walitti dhufeenya qabu. Waa'ee maalummaa keeyyataafi walitti hidhata himoota keeyyata tokko keessa jiranii ilaalchisee Owel(2009;p.40) akka kanatti ibsa." A paragraph is a group of closel-related;likewise, all sentences in the paragraph are related."Yaada armaan oliirraa waanti hubatamu maatiin hawaasa tokkoof bu'uura akkuma ta'e keeyyanni barreeffama tokkoof bu'uura ta'uusaati.

### 2.1.5.2. Caasaalee Keeyyataa

Keeyyatni tokko yeroo barreeffamu duraa duuba gochaa eeguudhaan barreeffama. Kana malees keeyyanni tokko, daangaa yaada handhuraa ta'eeti, jechoota dhibba(himoota7-10) kan qabu ta'uu danda'a(Getaachoo,2015). Keeyyatni caasaa adda addaa qaba. Caasaan keeyyataa tajaajila kennan irratti hunda'uudhaan bakka sadiitti qoodamu. Isaanis: hima ijoo, hima callaayookiin gargaartuufi hima goolabaati. Hima ijoo jechuun keeyyata tokko keessatti yaada walii gala barreeffamichaa hammatee kan argamudha. Himni ijoo keeyyata tokko keessatti iddoo garaagaraa afuritti argamuu danda'a. Innis: jalqaba , dhuma, jidduu,jalqabaafi dhumarratti argamuu danda'a.(Getaachoo,2015).

Himootni callaa yookiin gargaartuu keeyyata tokko keessatti argaman ibsoota murta'oo keeyyatichaati. Himootni callaa haqootaan, fakkeenyaafi yaadota amansiisaan kan ibsanidha. Gaaffilee hima ijoo keessatti ka'an kanneen deebisanidha(Getaachoo,2015).

Hima goolabaa jechuun ammo keeyyata tokko keessatti yaada handhuuraa ta'ee jechoota biraatiin kan gudunfuufi cimsudha. Himni goolabaa hima keeyyata tokko goolabu yookiin hidhaa keeyyataa jedhamuun beekama(Getaachoo,2015).

### 2.1.5.3. Amaloota Keeyyataa

Akka Getaachoon(2015) ibsutti keeyyatni amaloota armaan gadii qaba.Amalootni kunis barreeffama keeyyata tokkoo madaaluuf akka ulaagaatti faayidaa guddaa qabu.Amalootni keeyyataa kunis:

**1.Tokkummaa:** Lakkoofsi matima himoota keeyyata tokko keessatti argaman martinuu tokko.Keeyyaticha keessatti himni ijoofi himoonni callaa sagalee tokkoon yaada tokko ibsu yoo ta'e keeyyatichi tokkummaa qaba jechuudha.

**2.Walta'iinsa Keeyyataa:** keeyyatni tokko walta'umsa qaba kan jedhamu himoonni keeyyaticha keessaa kan walitti rarra'an ta'ee yaadaan kan walqabatee kan deemu yoo ta'edha.Walta'insa keeyyata tokko eeguuf:

(A) Walqabsiistotatti Fayyadamuu: walta'iinsa keeyyata tokkoo eeguuf kan gargaaran keessaa tokko walqabsiistota. Walqabsiistonni kunis keeyyata keessatti yaada dabalataa agarsiisuuf, yeroo(tartiiba) agarsiisuuf, yaada sanaaf xiyyeeffannaa kennuuf, fakkeenya kennuuf, yaada walitti qabuufi kkf ni fayyadu. Fakkeenya yaada dabalataa agarsiisuuf walqabsiistota kan akka itti dabalees, akkasumas,fi kkf maqaa dhahuun ni danda'ama.

(B) Tartiiba Qabatamaan Kaa'uu: Tartiiba qabatamaan yoo jennu tartiiba yeroo, bakkaa yookiin gocha raawwatamuun ta'uu danda'a.

(C) Jechoota(gaalee) hima barreessinu keessatti dabalanii barreessuu. Jechoota yookiin gaalee hima barreeffamu keessatti itti dabalanii barreessuun walta'iinsa keeyyataa eeguun ni danda'ama

**3.Xiyyeeffannoo:** Amala keeyyatni qabu keessaa tokko xiyyeeffannoodha. Keeyyata barreeffamu tokko keessatti yaada irratti xiyyeeffatamu yookaan dabarsuu barbaadne jalqaba yookiin dhuma keeyyataa irra kaa'uun xiyyeeffannoo akka argatu gochuun ni danda'ama. Kana malees yaada adda addaa walitti cimdeessuun tokkummaa yookiin garaagarummaa isaan qabaniiniifi yaada yaa'uun xiyyeeffannoo argamsiisuu dandeenya.

**4.Guutummaa:(** A) Tartiiba gochaa; keeyyattoota akka hojiin itti hojjetame ibsan yookiin immoo gocha raawwatame tokko ibsan keessatti qabxiileen ibsaman tartiiba sirrii ta'e hordofanii dhiiyaachuu qabu. Tartiibni kun tartiiba gochaa jedhama.(B) Tartiiba Yeroo: Tartiiba ijaarsa keeyyataa keessatti yeroo irratti hunda'uudhaan kan dura yookiin jalqaba ta'aniifi kan itti aanan sirreessanii barreessudha.Karaa biraa immoo, keeyyata tartiiba gochaa raawwatameen yoo barreessine tartiiba yeroo hordofne jechuudha.Tartiiba yeroo yoo fayyadamne tartiiba gochaas gargaaramne jechuudha.(C) Tartiiba Bakkaan: Tartiibni bakkaa meeshaalee yookiin raawwatamaan hordofuun gara mirgaa, gara bitaa, irratti,jalatti waan argaman adda baasuun

tartiiba kennamudha.(D) Tartiiba Guddinaatiin: Hima gochi tokko raawwatame baay'inaan yoommuu barreessinu baayyee irraa gara xiqqootti yookiin xiqqoo irraa gara baayyeetti ta'uu danda'a.(E) Tartiiba Yaadaa: Tartiiba yaadaatiin keeyyatni ijaaramu yaada dimshaashaa irraa gara yaada murtaawaa, xaxamaa irraa gara salphaatti yookiin immoo salphaa irraa gara xaxamaatti ta'uu ni danda'a(Getaachoo,2015).

### 2.1.5.4. Akkaataa Keeyyatni Itti Barreeffamu

Keeyyata gaarii tokko barreessuun bu'aa yaadaafi ogummaati. Salphaadhummatti adeemsa yaada, yeroofi ogummaa gaafatudha. Akka Ali Akbar Khansirfi Masomeh Ahrami (2014) ibsanitti keeyyata gaarii tokko barreessuun adeemsa armaan gaditti ibsame sirriitti hordofuu gaafata.

(1) Adda duree (Keeyyata barreessuun dura): Keeyyata barreessuun dura sirriitti yaadi,Yaada kee sana qindeeffadhu.(2) Keeyyata barreessuu: Keeyyata barreessuu yeroo jalqabdu, waan yaadde sana gara himootaatti jijjiiri. Kana jechuun waan sammuutti yaaddu sana gara hima ijoo, himoota callaafi goolabaatti jijjiiruun ibsi.(3) Keeyyata barreessite gulaali: Keeyyata barreessite sana keessa deebi'ii dubbisii dogoggora inni qabu sirreessi.(4) Keeyyaticha dhimma barbaadame sanaaf olchi.

### 2.1.6. Hanqina Ogummaa Keeyyataa Barreessuu

### 2.1.6.1. Hanqina Barreessuu Akka Waliigalaatti

Hanqinni ogummaa barreessuu maalidha gaaffii jedhuuf, barreeffamni ga'aan tokko kan akkamii akka ta'e ilaaluun barbaachisaadha. Barreeffamni tokko yeroo barreeffamu walii galteen yaadaa, barreessaafi dubbisaa gidduutti akka uumamuufidha(Raimes,1983,p259). Kanarraa ka'uun galma ga'iinsa barnoota barattootaaf, akkaataa barreeffama ga'aa yookiin barreeffama qulqulluu tokko barreessan barachuufi ogummaa isaa qabaachuun dhimma isa cimaafi isa barbaachisaadha.

Ogummaawwan barreeffama ga'aa tokko qopheessuuf barbaachisan immoo akka Atkinsifi kan biro,(1996,p86) jedhanitti, barreeffamni ga'aan tokko wantota armaan gadii kan yaada keessa galcheefi irratti xiyyeeffate ta'uu qaba. Isaanis, barreeffama harkaa, qubeessuu,filannoo jechootaa,fayyadama seer-lugaa, fayyadama sirna tuqaaleefi ulaagaalee keeyyata barreessuuf gargaaran kanneen akka wal-qabatiinsa, Ulaagaleen armaan olii kun barreessaan akka waan

barreessu sana walqabsiiseefi waltasisee barreessu, odeeffannoo duraa duubaan ifa godhee barreessuufi afaan barbaachisaa ta'e fayyadamee afaan sirrii ta'e tokko akka barreessuu gargaaru. Kana gochuuf immoo, barreessaan jalqabarratti dubbisaa isaa yaada keessa kan galche ta'uu qaba.Innis fedhii, beekumsa, amantaafi hawwii dubbisaan isaa mata-duree sanarratti qabu dursee hubachuun barbaachisaa akka ta'edha. Kanaafuu, barattootni yookiin barreessan tokko ulaagaalee armaan olitti tarreeffamaniifi kanneen biro barreessuu wajjiin rakkoo yoo qabaatan, hanqina dandeettii barreessuu(ineffective writing skills)qabu jechuudha.

walta'iinsa, tokkummaa,duraa duubafi guutummaa yaadaa walumaagalatti qindoomina yaadaadha. Kana malees, unka barreeffamaa sirriitti eeguufi fedhiifis sadarkaa dubbistootaa beekuun akka fakkeenyaatti ka'uu ni danda'u.

### 2.1.6.2. Hanqina Keeyyata Barreessuu

Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti keeyyata barreessuun ogummaa baratamu waan ta'eef hanqinoota adda addaa niqabaata.Hanqinootni keeyyata barattootni kutaa 9ffaa barreessan keessatti mul'atan yeroo baay'ee hanqina, itti fayyadama sirna tuqaalee, dogoggora qubeessuu, rakkoo seer-lugaa, hanqina unka barreeffamaa, hanqina itti fayyadama qub-guddeessaa, hanqinaqindoomina yaadaafikkfdha jechuunHailemariam (2011,p.25-27) wabeeffatee Mohammedamin(2015) ni addeessa.Hanqinootni keeyyata barreessuu keessatti barattoota mudatan shaakalaan kan furmaata argatu waan ta'eef hordoffiifi xiyyeeffannoo barbaada

### 2.1.6.3. Madda Hanqina Ogummaa Keeyyata  Barreessuu Akka Waliigalaatti

Afaan barachuu irratti dogoggora uumamu ilaalchisee ilaalchawwan bu'uuraa lamatu jiru(Lihul,1997,p.17-23). Garaagarummaa ilaalchawwan kanaas haala uumama dogoggora kanarratti, ilaalcha adda addaa calaqqisiisuun kan ka'edha. Ilaalchi tokkoffaan ,barataan tokko haala barbaachisaa ta'eefi mala barsiisuu gaarii ta'een yoo barate dogoggora yookiin hanqina barreessuu uumuu hin danda'u yaada jedhurraa kan maddedha. Kanaafuu, uumamni yookiin hanqinni kun malli yookiin tarsiimoon barsiisuu gaarii ta'e dhibuu isaarraa kan madde ta'usaati jedhu. Haaluma walfakkaatuunis, madda hanqina dandeettii barreessuu kan ta'e, barataan sun haala barbaachisaa ta'een barachuufi xiyyeeffannaa itti kennuu dhabuu isaan kan ka'e ta'uusaati amanama. Ilaalchi lammaffaa ammo, kanarraa adda kan ta'edha. Innis jiraachuu dogoggoraa yookiin hanqinaatti amanuudhaan garuu addunyaa qulqulluu ta'e keessa jiraachuun waan hin

danda’amnedha kan jedhudha. Kanaafuu, barattootni dogoggora uumuun isaanii waanuma jiruufi kan hin hafnedha jechuun namni Corder(1974,p.120)jedhamu ibsa. Madda hanqina ogummaa barreessuu ilaalchisanii namootni muraasni yaada tokko tokko ni kaa’u. Gosoota hanqinaa yookiin dogoggoraa irratti xiyyeeffachuurra, sababni yookiin madda akka barattootni dogoggora kana uuman taasise maalidha kan jedhu beekuun barbaachisaadha jedha.

Barattootni afaan baratan yoo xiqqaate sababa lamaan dogoggora uumuu danda’u. Sababoota kana keessaas tokkoffaa, barattootni afaan baratan sana ilaalchisanii beekumsa gahaa dhabu yookiin beekumsa sirrii hin taane qabaachuu isaaniin kan ka’e dogoggora uumamudha. Sababni inni lammataa ammo afaanichaan sirriitti shaakaluu dhabuudha. Dogoggorro akkasii kan inni wal fakkaatu, beekumsa haala farad itti gugsan osoo qabanuu fardicha ammo sirriitti gugsuu dadhabuu jechuudha.Kanaafuu, maddi hanqina kanaa hanqina beekumsaa yookiin beekumsa sirrii hin taane,qabaachuu osoo hin taane, hanqina shaakalaa yookiin afaanichatti haala barbaachisaa ta’een shaakaluu dhabuudha.

Walumaagalatti, madda hanqina ogummaa barreessuu armaan oliitti ka’erratti yaada kennuun, dhimma qorannoo kanaa wajjin walitti firoomsuun barbaachisaadha. Innis tokkoffaa,rakkoon hanqina ogummaan barreessuu kun barattoota afaan lammataa baratan qofa irratti kan xiyyeeffate akka hin taanedha. Rakkoo kana ammo beektotni afaanii hedduun barattoota afaan tokkoffaa baratan birattis baay’inaan akka mul’atu ni ibsu. Sababni isaas jedhu, beektotni kun, ogummaan barreessuu afaan lammataas ta’e afaan tokkoffaa kan baratamu manneen barnootaa erga seenaniiti jedhu. Kanaafuu, gama lameeniinuu bakka hedduurratti hanqinni ogummaa barreessuu ni mullata jechuun yaada isaanii ibsu(Hedge1988).

Yaadni inni lammaffaa ilaalcha lamaan namootni hanqina ogummaa barreessuu barattootaarratti qaban keessaa inni tokko, addunyaa qulqulluufi sirrii ta’e keessa waan hin jirreef hanqinni kun kan jiruufi kan hin hafnedha ilaalcha jedhudha. Yaadni kun kan agarsiisu, madda hanqina ogummaa barreessuu barattootaa kana barbaadanii dhabamsiisuun yookiin fooyyessuun akka isaan barreeffama gahaa tokko qopheessan gochuurra, akka wanti kun hin danda’amne amanuun abdii kutachuu kan agasiisudha. Ilaalchi kun ammo, adeemsa bu’a bahiifi amala barreeffama gahaa tokko qopheessuu kan yaada keessa galcheefi xiyyeeffannoo itti kenne hin fakkaatu.

Haata'u malee, gama beektota hedduutiin yaadni ilaalcha kana faallessu ni ka'a. Isaan keessaas, John Atkinsfi hiriyyoonni isaa,sababa yookiin madda hanqina dandeettii barreessuu tarreessuun, hanqinni uumaman kun ammo kan abdii kutachiisanfi fala hin qabne osoo hin ta'iin, adeemsa barachuu keessatti mallattoo sadarkaa tokkoo ta'uusaa ibsu.

Gama biraatiin immoo, madda hanqinoota ogummaa barreessuu barattootaa ta'uu danda'u kan jedhu namni Lenzarry jedhamu tokko, akka armaan gadiitti tarreesseera.

- Hanqina yeroo gahaa barattootni sababa maatii isaanii gargaaruu danda'an wajjin qaban.
- Dhiibbaa televijiini.
- Manneen kitaaba kitaabilee gahaa hin qabne
- Manni barumsaa walitti fufiinsaan hordofuu dhabuu.
- Maatii rakkoolee kan akka wal hiikuufi dhugaatii alkooliin jeeqamaa ta'e.

Hanqina hariiroo cimaa maatiifi mana barumsaa gidduu jirudha jechuudhaan (Lenzarry,1991,p1) yaadasaa ibseera.

Haaluma walfakkaatuun, hojiin barreessuu namoota hedduuf afaan tokkoffaarrattis ta'e afaan lammataarratti baay'ee rakkisaa ta'uusaa Byrne 1988 ni ibsa.Namni kun, hojiin barreessuu rakkisaa ta'uu isaa qofa osoo hin ta'iin rakkoolee kanaaf madden kan ta'anillee bakka sadiitti qoodee ibsuuf yaaleera. Isaanis, rakkoolee xiinsammuu/ psychological problem, rakkoolee xiinqooqaa / linguistic problemfi rakkoolee yaada sammuu / cognitive problemsdha. Maddeen yookiin rakkoolee sadan kana bakka tokko tokkotti gargar fo'uun yookiin adda baasuun rakkisaa ta'uu isaa eeruun, hanga danda'ametti ammo akka armaan gadiitti ifa gochuuf yaaleera.

**(1) Rakkoo Xiinsammuu**

Waa'ee rakkoo kanaa dubbii afaaniifi barreeffamaa wal bira qabuun ibsuuf yaalameera. Innis, dubbiin afaanii wal-qunnamtii giddu galeessa sirriifi uumamaan yeroo hedduu itti fayyadamnudha. Yeroo kana dubbataanis ta'e dhaggeeffataan qaamaan wal biratti argamuun yookiin sagalee walii dhaggeeffachuun yaad-deebii ta'e dhaggeeffataan qaamaan walbiratti argamuun yookiin sagalee walii dhaggeeffachuun yaad-deebii ta'e tokko walii kennuun wal sirreessuu ni danda'ama. Barreessuun ammo gama biraatiin gochaa sirritti xiyyeeffannoo

barbaaduufi ofii keenya qofa teenyee barreessinuuf qunnamtii nama biroofi yaad-deebii tokko malee waan raawwatuuf kunumti qofti dandeettii barreessuu barattootaa irratti hanqina uumuu danda'a.

**(2) Rakkoo Xiinqooqaa**

Haalota adda addaarraa kan hafe walqunnamtiin dubbii afaaniitiin taasifamu adeemsa qunnamtii itti fufiinsa qabuufi hirmaattootni yookiin dhaggeeffatootni illee haala walii galuu irratti gargaarsa gumaachanidha. Innis dubbiin afaanii kan wal irraa hin cinneefi yeroo muraasa keessatti waan hedduu dubbachuun danda'amudha. Kanaafuu xiyyeeffannoon dogoggora uumamu fakkeenyaaf, qindoomina caasaa himaattis ta'e walqabatiinsa himoota dubbatamaa jiranitti hin kennamu. Sababni isaas, haala dhaggeeffatootni argisiisan irraa ka'uun dubbataan sun sagalee isaa olkaasuun, gadibuusuun, qulqulleessuun. Irra deebi'uun, dhiifama gaafachuufi kkf erga isaa sirriitti dabarfachuu danda'a. Barreessuu keessatti garuu amaloota dubbachuu keessatti gargaaramne kana gochuu hin dandeenyu. Kanaafuu, haala amaloota sana bakka bu'uu danda'aniin offeeggannoo seera barreeffamaatti kennuun ergaa keenya dabarfachuu akka qabnu agarsiisa.

**(3) Rakkoolee Yaad Sammuu**

Daa'imman ijoollummaa isaaniitii kaasanii haala dubbii afaanii barachaa guddatan. Haala rakkina hin qabneenis yeroo hedduu irratti fixani dubbachaa turan. Kanaafuu, yeroo dubbii afaanii taasisan muddama sammuufi xiyyeeffannoo gadi fageenyaa malee dubbachuu danda'u. Barreessuun garuu, mana barumsaatti haala barnoota idileetiin kan baratamudha. Unki barreeffama tokko sirritti baratamuufi to'atamuu qaba. Kana malees akkaataa yaada tokko qindeessuun itti danda'amus baratamuu qaba.

**2.1.6.4. Madda Hanqina Keeyyata Barreessuu**

Hanqina keeyyata barreessuu barattootaaf madda ykn ka'umsa kanneen ta'an hedduutu jiru. Kanneen keessa inni ijoon( 1) shaakala gahaa ta'e dhabuu: Keeyyata barreessuun ogummaa shaakala barbaaduudha. Ogummaa barachuun shaakala barbaada. Kana ilaalchisee Italo(1999) akkana jedhe' paragraph writing is a skill and the best ways to learn any skill would be to practice it. To become best driver, the best way is to drive. ' Kanaafuu, keeyyata ga'aafi gaarii

tokko barreessuuf barattootni daree barnootaa keessattifi dareen alatti shaakala gahaa gochuu qabu jechuudha(.2) Soda barreessuu: Barattoonni tokko tokko waa barreessuu ni sodaatu. Yeroo hojiin barreeffamaa daree keessatti laatamuuf barattootni sodaatan ni jiru. Sodaan kun akka isaan caalaatti dogoggora uumaan isaan godha. Kana ilaalchisee Pajaresfi Johnson, (1994) akkana jedhu 'Learners could be affected with the understanding of the fact that writing anxiety clearly and negatively affects their writing performance.' (3) Yaad-deebii gahaa dhabuu: Keeyyata gaarii barreessuun shaakala waan barbaaduuf barsiisota, hirriyyootaafi angafoota irraa yaad-deebii argachuu barbaada. Yaad-deebiin barattootni keeyyatni isaan barreessan gaarii akka ta'eefi akka fooyyeessanii barreessaniif isaan gargaara. Kanneen biroo hanqina keeyyata barreessuu barattootaaf madda ta'an dhiba'ummaafi hanqina seer-lugaa ta'uu ni danda'u.

### 2.2 Sakatta'a Qorannoo Wal fakkii

Mata duree qorannoo kana waliin walfakkii kan ta'an qorannoo adda addaa gaggeeffaman sakattaa'amanii jiru. **Waraqaan qorannoo Yohannis Mallasaa Qanaatee bara 2018** Qaacceessa Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa Mana Barumsa Qophaa'ina Gooroo. Kaayyoon qorannoo kanaas Qaaccessa dandeetti keeyyata barreessuu barattoota Mana Barumsaa Qopha'ina Gooroo qaban Sakatta'uu: Bulchiinsa Magaalaa Adaamaa Mana Barumsaa Gooroo Qopha'ina irratti Qo'annoo Adeemsifame yoo ta'u. Mata dureen Qorannooko immoo Xiinxala Barreeffama Keeyyata Barattoota mana barumsa Sadarka 2$^{ffaa}$ Booraa kutaa 9$^{ffaa}$ dha. Kaayyoon Qorannookotis Rakkoo Barreeffama Keeyyata Barattoota Mana Barumsaa Sadarkaa 2$^{ffaa}$ Booraa kutaa 9$^{ffaa}$ xiinxaluu kan jedhudha yoo ta'u. Garaagarummaan isa yeroo qorannichi itti gaggeeffameefi idoo itti gaggeeffame jiru ta'usaati.Akkasumas qorannoon kan ko barattoota kutaa 9$^{ffaa}$ irratti yoo xiyyeeffatu . Qorannoon Yohannis immoo barattoota kutaa 11$^{ffaa}$fi 12$^{ffaa}$ irratti xiyyeeffata.

**Siyyum Sisaay** bara 2008 Xiinxala Waantota Dandeettii keeyyata Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo Kutaa 11ffaa irratti Sababa Ta'an. Kaayyoon guddaan qorannoon kun gaggeeffameef, Xiinxala Waantota Dandeettii Keeyyata Barreessuu Barattoota Afaan Oromoo irratti Sababa ta'an qaaccessuudha. Mata dureen Qorannookotii immoo akkuma armaan olitti ibsuun eerame yoo ta'u. Garaagarummaan isa sadarka inni irratti gaggeeffameefi bara qorannichi itti gaggeeffamedha. Akkasumas iddoo qorannichi itti gaggeeffameen garaagarummaa isaa agarsiisa.

**Zannabuu Ayyaansa bara 2008** Rakkoo dandeettii keeyyata barreessuu barattoota kutaa 10ffaa Afaan Oromoo mana barumsaa Daaloo Sadarkaa 2ffaa xiinxaluu kan edhu yoo ta'u. Garaagarummaan mata duree qorannooko waliin jiru immoo iddoo qorannoon kun itti gaggeeffameefi bara qorannichi itti adeemsifamedha. Akkasumas kutaan yookiin dareen qorannoon kun irratti gaggeeffames garaagarummaa qorannichaa agarsiisa.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame hanqina keeyyata barreessuu barattoota kutaa 9[ffaa] mana barumsa sadarkaa 2[ffaa] Booraa xiinxaluufi madda hanqinichaa ibsuudha. Kana gochuuf immoo qorataan gosa qorannoo akkamtaatti fayyadameera. Sababni isaas, qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame lakoofsaan osoo hin taane ibsaan hiika kan argate waan taheefidha. Kanaafuu qorannoo addeessaati. Odeeffannoon barattootaafi barsiisota irraa argames addeessuufi ibsuu irratti kan hundahedha.

Mala qorannoo akkanaa ilaalchisee (Dastaa, 2002,p20) wabeeffachuun Beekan (2014), qorannoon akkamtaan gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin yookiin mala ibsaatiin dhiheessa jedha. Qorannoo kana keessattis kanumatti dhimma bahameera. Gama birootiin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argame gadifageenyaan ragaan deeggaramee kan xiinxalame waan taheefidha. Addunyaa(2012,p12) yaada kana yoo cimsu, "Ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan akkam? Maaliif? Jedhan kaasuun gadi fageenyaan xiinxaluurratti human waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati" jedha. Yaada kanarraa malli kun gadifageenyaan xiinxaluurratti human qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu tahuu hubanna.

## 3.2. Madda Ragaalee Qorannicha

Qorannoo kana gaggeessuuf maddi ragaa qorataan kun itti fayyadameeru madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha.

**Madda ragaa tokkoffaati** jedhee kanan fudhadhe barattoota 21fi barsiisota 3 yoo ta'u.

**Akka madda ragaa lammaffaatti** kaniin itti gargaarame barruuleefi qorannoowwan mata dureekoo kana waliin wal fakkattuun sakatta'ee dubbisuunidha Sababni isaas,yeroo qormaanni kennamu qaamaan argamuun daawwachuufi barruulee garaagaraa sakatta'uun ragaaleen argaman qaacceeffamaniiruu.

## 3.3. Irrawwatamtoota

Manni barumsa Booraa sadarkaa 2ffaa naannoo Oromiyaa,Godina Shawaa Bahaa Aanaa Booraa Magaalaa Botee keessatti argama. Manni barumsaa kun bara barnoota 2012 kutaa 9- 12 qaba. Akkasumas, qorataan dhimma kana achi keessatti hojjetaa waan jiruuf, barattootas tahe barsiisota wajjiin wal beeka. Kanaafuu,odeeffannoo dhugaafi gadi fageenya qabu funaannachuuf manni barumsaa kun itti dhiyeenyaafi mijaawaa waan taheef kaayyeffamee kan filatamedha.

Mana barumsicha keessa bara barnoota 2012 barsiisota Afaan Oromoo barsiisan dhiira 2fi dubara 1tu jiru. Barsiisonni akka madda odeeffannootti filataman barsiisota Afaan Oromoo barsiisan hundadha. Barsiisonni kun warra barattoota kana barsiisan waan tahaniif dhimma qorannoo kanaarratti odeeffannoo gaha kennuu ni danda'u jedhamee waan itti amanameefi kaayyeeffamee mala iddatteessuu argamtaadhaan kan filatamanidha. Barattootni kutaa 9ffaa mana barumsichaa daree barnootaa 10 keessatti ramadamanii barachaa turan. Baay'ina barattootaa irraa kan ka'e qorannoon kun daree hunda uwwisuun waan hin danda'amneef dareen barnootaa 3 carraan filatamaniiru.

Barattootni kutaa 9ffaa mana barumsichaa ogummaa Afaan Oromoon keeyyata barreessuu ilaalchisee hanqina akka qabaniifi maddi hanqina isaanii maal akka tahe adda baasuuf kaayyefamee kan filatamanidha. Sababni barattootni kun akka qorannaan kun irratti gaggeeffamu kan barbaachiseef keessaa tokko qorataan kun muuxannoo Afaan Oromoo barsiisuu qabu irraa ka'uun, barattootni kun sadarkaa barnootaa irra jiran waliin kan walgitu keeyyata barreessuu irratti rakkoo qabaachuu ni danda'u kan jedhu waan tilmameefidha.

## 3.4. Mala Iddattoo Iddatteessuu

Barattoota bara 2012 kutaa9ffaa daree barnootaa 10 keessatti qoodamanii Afaan Oromoo baratan keessaa mala carraan dareen 3 akka iddattootti filatamaniiru. Hanqina keeyyata barreessuu barattootaa adda baasuuf jecha mala qormaataan odeeffannoo sassaabuuf daree barnootaa akka iddattootti filataman 3 keessa barattootni shan shan tooftaa carraa kaasuun filataman. Haaluma wal fakkaatuun daree barnootaa sadaan keessaa barattoota lama lama waa'ee madda rakkoo ogummaa keeyyata barreessuu af- gaafiin akka deebii kennaniif filatamaniiru.

Milka’inaafi fiixaan bahiinsa kaayyoo qorannoo kanaaf, odeeffannoon barsiisota irraa argamu hedduu barbaachisaadha jedhamee waan itti amanameef barsiisota mana barumsichaatti Afaan Oromoo barsiisan hunda irraa odeeffannoo af- gaaffiin walitti qabameera. Barsiisonni kunis lakkoofsaan sadi waan hin caalleef, hundi isaanii akka odeeffannoo kennaniif mala akka jireen filatamaniiru.

### 3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Meeshaaleen funaansa ragaa yookiin odeeffannoo kamiyyu dhibbaa dhibbatti odeeffannoon sirriifi fudhatama argamsiisuuf gahaa tahe akka hin jirre Kumar,(2005,p119) akkanatti ibsa”*None of the methods of data collection provides 100 prcent accurate and reliable information*” jedha. Yaada kanarraa meeshaaleen odeeffannoo ittiin funaannu kamiyyu hanqina qabaachuu akka danda’an hubanna. Haa ta’u malee, qorannoo kana gaggeessuuf qorataan kun dhimma kana meeshaalee mijatoofi odeeffannoo gahaa ni argamsiisu jedhee kan filate qormaatafi af-gaaffiidha.

#### 3.5.1. Qormaata

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa irratti hunda’uun hanqina Afaan Oromoon keeyyata barreessuu barattootni kun qaban adda baafachuuf jecha barattootni akka keeyyata tokko tokko barreessan taasifameera. Daree akka iddatootti mala carraa buusuun filataman sadii keessaa barattoota alatti hiriirsuun barattoota kudha lama bira darbuun barataa tokko yookiin barattuu tokko iddatteeffameera. Barattoota filatamaniif mata-duree ‘karaalee Eedsiin itti daddarbu’ jedhu kitaaba Afaan Oromoo irraa filachuun kenneef. Sababni mata-dureen kun filatameef, akka modelaatti Getaachoo (2015) irratti keeyyanni mata-duree kanaan barreeffamee waan jiruuf. Akkasumas barattootni kun umurii dargaggummaa irra waan jiraniif beekumsa yookiin odeeffannoo waa’ee ‘karaalee Eedsiin itti daddarbu’ qabu jedhamee waan yaadameefidha. Barattootni kun maqaa isaanii osoo hin barreessiin waraqaa isaaniif kenname irratti keeyyata tokko tokko waa’ee mata-duree kennameef kan ilaallatu barreessaniiru. Waraqaan deebii barattoota hundaa erga sassaabamee tartiibaan koodiin itti kennamee akka ulaagaa dura qopha’een xiinxalameera.

### 3.5.2. Af-Gaaffii

Meeshaalee odeeffanno itti funaanuuf gargaaramamu keessaa af-gaaffiin isa tokkodha. Sababni isaas af-gaaffiin odeeffannoo gadifageenyaan ibsee argisiisuurratti mijataa waan taheefidha. Qorataan kun dhugaa jiru kana bu'uura godhachuun madda ragaa qorannoo kanaa ta'uu dandahu kan jedhu gaafateera. Haaluma kanaan, af-gaaffiin dhihaate waa'ee hanqina dandeettii keeyyata barreessuu barattootaafi madda hanqinichaa akkasumas furmaata isaanii kan ilaallatudha. Dhimmoota kana bu'uura godhachuun gaaffileen cufaafi banaa barsiisotaafi baratootaaf dhiyaataniiru.

## 3.6. Qindeeffamaafi Mala Qaacceessa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti odeeffannoon mala qormaataafi af-gaaffiin walitti qabaman haala walitti dhiheenya qabaniin qindaa'anii qaacceeffamaniiru. Akkaataan qaacceffama ragaalee kanaas, dura waa'ee hanqina Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattootaa ilaalchisee keeyyatni barattoonni barreessan xiinxalamee hanqinni mul'atan qaacceffamaniiru. Itti aansuun immoo hanqinoota keeyyata barreessuuf mul'ataniif ka'umsa kan ta'aniif ragaaleen barattootaafi barsiisota irraa af-gaaffiitiin argaman qaacceeffamaniiru. Odeeffannoon af-gaaffiin argamanis walkeessa makamuun qaacceeffamaniru. Haaluma kanaan qorataan kun odeeffannoo karaalee af-gaaffiidhaan argaman fakkeenyaafi ragaadhaan deeggaruun qaaccessee jira. Dhuma irrattis argannoowwan qorannichaa irratti hunda'uun yaada cuunfaafi yaada furmaataan ibsameera.

# Boqonnaa Afur: Xiinxalaafi Ibsa Odeeffannoo

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoon qormaata keeyyata barreessuu barattootaa, af-gaaffii barsiisotaafi barattootarraa argame xiinxaluun ibsameera. Gaaffiiwwan bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti eeraman ibsuuf jecha waan hunda dura keeyyattoota barattootaan barreeffaman xiinxaluun ibsi itti kennameera. Itti aansuunis, rakkoo keeyyata barreessuufi furmaata isaa ilaalchisee odeeffannoon barsiisotaafi barattoota irraa argaman qaacceeffamanii ibsamaniiru.

## 4.1. Xiinxalaafi Ibsa Keeyyattoota Barattootni Barreessani

Kutaa kana keessatti hanqina barattootni keeyyata barreessuurratti qaban adda baasuuf jecha keeyyattoota barattootni barreessan tokko tokkoon xiinxalamee ibsi itti kennameera. Keeyyata barreessuu barattoota kutaa 9ffaa mana barumsaa sadarkaa 2ffaa Booraa xiinxaluuf mata duree ' karaalee Eedsiin itti daddarbu ' jedhu irratti keeyyata tokko tokko akka barreessan taasifameera. Keeyyattoota barattootni barreessan akka waliigalatti kudha shan (15) tahan akka armaan gadiitti tokko tokkoon xiinxaluun ibsuun yaalameera.

### 4.1.1. Barataa"A"

Hanqina barreeffama keeyyatichaa xiinxaluufi ibsuun dura mata duree armaan oliitti eerame ilaalchisee keeyyata barataa "A"n barreesse akka armaan gadiitti ilaaluun gaarii taha.

> HIV/AIDSn karaalee Hedduu daddabu danda'a. Innis,kan armaan gaditti karaaleen Kunnis waal qunamtti salaa Dangaa hin qabnee sibilaa qaraa qabuu waliin itti fayyadamu Kunnis kanneen akka lilmoo,Dhigaa waliif gumaachuu,Dhukkubnni Bookee Buusaa yeroo Namaa irraa turuu HIV/AIDSn Namaa qabu ni danda'a tokkof tokkoon jiraachuu Dhisuu. Dhiigaa walii qorachuuf kankanaa fakkataan irraan nama qabuu ni danda'a AkkHIV/AIDS Qabaan ogeessaa fayyattin qoraatamuun Barbachisadha.

Barataan kun yaalii inni keeyyata barreessuuf taasise gaariidha. Keessumaayyu, hima ijoofi himoota callaatti gargaaramee keeyyaticha barreessuuf yaaleera. Haata'u malee, caasaafi amaloota keeyyatni gaariin tokko qabaachuu qabu ilaalchisee hanqinota hedduun ni mul'atu. Akkuma keeyyaticha armaan olii ilaaluun danda'amu, hanqinnoonni kanneen akka unka barreeffama eeganii barreessuu,hima goolaba ka'uu, dogoggora qubeessuu, itti fayyadama sirna

tuqaaleefi yaada tokkicha ibsuu dhabuun keeyyatichaa ifatti ni mul'atu. Fakkeenyaaf, keeyyatichi hima goolabaa sirriitti isa ibsu hin qabu. Akkasumas, keeyyatichi yaada tokkicha karaalee' Eedsiin itti darbu' jedhu qofa hin ibsu. Sababnisaas yaadni akka *HIV/AIDS Qaban ogeessaa fayyattin qoraatamuun Barbachisadha* jedhan keeyyatichi yaada adda addaa akka qabaatu taasiisu. Kana malees, jechoonni kanneen akka "Hedduu, salaa, Dangaa, Dhukkubnni, Bookee Buusaa, Dhisuu, Qabaan, Barbachisadha" jedhan itti fayyadama qub-guddeessaa irratti hanqina qabu. Kana malees, keeyyaticha keessaa Dhigaa, salaa, dangaa jedhu dogoggora qubeessuu qaba. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee' D'.A irraa ilaaluun ni danda'ama. Ragaaleen armaan olii irraa waanti hubatamu hanqinni tokkummaa yaadaafi itti fayyadama qubee keeyyata kana keessatti bal'inaan mul'achuu isaaniiti. Akkasumas dogoggorri seeraa barreeffamaa  kan akka dubbifamaa gosa adda addaa sadii jecha tokko keessatti walitti aansanii barreessuufi sagalee dheerachuu malu gabaabsuufi isa gabaabbachuu malu immoo dheeressanii barreessuun waan mul'atuuf yaada keeyyatichaa ibsuu dadhabuun ni mul'atu. Kunneen immoo hanqina keeyyata barreessuu barattootaa akka tahe  ragaaleen madda adda addaa ni ibsu.( Italo,1999:Geetachoo,2015).

### 4.1.2. Baratаа "B"

Haaluma walfakkaatuun keeyyata barataa "B"n barreeffame armaa gadii ilaaluun ni danda'ama.

> Echabiin dhukubaa daadarboo kesaa isaa tokkoodha echobiin Namaara kan Namaat darbudha.dhukubotaa yeroo Amaa Adunaa kenaa kan ubaa jirudha. Dhukuuni echabii Acdiisii waatotaa qaraa qabaan kan daarbaniidha. Akusuumas waan totaa wal qunomoti salaa kaan dangan hin qanneen Namaati Darbu daanida kasumaas karaa kitanuuyookiin Anaa qobodhan darbuu ni dada.

Barataan kun himoota callaa adda addaatti fayyadamee yaada isaa ibsuuf yaaleera. Garuu akkuma armaan oliitti dhiyaate keeyyata kana hubachuun baay'ee rakkisaadha. Keeyyatichi hanqinoota qubeessuu, itti fayyadama sirna tuqaalee, caasaafi amaloota keeyyataa kan qabudha. Hanqinoota gurguddoo keeyyatichi qabu yoo ilaalle, hima goolabaa,seerluga yookiin caasaa himaa of keessaa hin qabu. Jechoonni *echabiin, kesaa, Namaara, namaat, Amaa Adunaa, Acdiisii waatotaa, Akusuumas,qunomoti, dangan, Namaati, daanida, kasumaas, kitanuu, yookiin,*

*Anaa, qobodhan, dada* jedhan rakkoo qubeessuu qabu. Barataan kun yaaduma tokko ibsuuf yaaleera. Garuu, keeyyata miti hima ijaaruu irrattiyyu hanqina guddaa qaba. Yaada sammuutti yaadaa jiru jechaafi  himoota sirrii kanneen akka hima ijoo, hima callaafi goolabaa keeyyatni tokko of keessaa qabutti jijjiiruun ibsuu hin dandeenye. Unkaa keeyyatichaas yeroo ilaallu, keeyyata hin fakkaatu. Akkasumas, keeyyata tokko osoo hin xumuriin  waan keeyyata haaraa eegalame fakkaata. Kana malees, jecha keessatti sagalee garmalee dheeressuufi gabaabsuun jechoota hiika hin qabne barreessuun dogoggoroota mul'atan keessaa isa birooti. Walumaagalatti, barreeffamni barataa kanaa dogoggora barreeffamaan kan guute waan taheef, keeyyatadha jechuun nama rakkisa. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee "D:B" ilaala.

### 4.1.3.Barataa 'C'

Akkuma armaan oliitti keeyyattoota barattootaan barreeffaman ilaalaa turre barataa "C" n keeyyatni barreeffame akka armaan gadiitti dhihaateera.

- HIV/HIDSin dhukkuba balaafamaa amma ammaatti qoricha hin argamnedha.
HIV/HIDSiin Addunyaa keenya irratti namoota hedduu midhaa kan jirudha.
HIV/HIDSiin baayinaan dargaggoota biyya keenyaa midhaa jira.sababiin isaas
HIV/HIDSin Harka caalu walqunnamtii saalaa daangaa hin qaneen
dhukkubsataarraa nama fayyaatti darba. Dhukkubni kun Haadhaa fi Abbaa ajjeesee
daa'imman qophaatti hambisa. Dhukkubni kun guddina biyyatti gufuu ta'uudhaan
diinagde biyyaa boodatti deebisa.

Barataan "C"n beekumsi inni waa'ee mata-duree kennameef irratti qabu gaariidha. Haata'u malee, ogummaafi dandeettii keeyyata barreessuu hin qabu jechuun ni danda'ama. Sababni isaas, keeyyata armaan olii akkuma ilaaluun danda'amu, keeyyatichi mata-duree kennameef sana ala kan barreeffameefi yaada tokko ol kan of keessaa qabudha. Hanqinoonni ijoo keeyyata kanaa hima ijoo dhabuu, hima callaa dhabuu,hima goolabaa dhabuufi hanqinoota qubeesuudha.

Barataan kun keeyyata tokko mata-duree 'karaalee Edsiin itti darbu' jedhu irratti akka barreesutu irraa eegama. Haata'u malee, baratichi waa'ee miidhaa dhukkubni HIV/AIDS biyya, dhaloota, maatiifi diinagdee biyyaa irratti qabu himoota muraasaan ibse. Barreeffamni barataa kanaa walta'iinsa yaadaafi tokkummaa keeyyatni tokko qabaachuu qabu hin qabu (Getaachoo, 2015:122-126). Dabalataan, barreeffamni barataa kanaa dogoggora qubeessuu tokko tokkoo of

keessaa qaba. Fakkeenyaaf jechoonni –HIV/HIDSin, HIV/HIDSiin, heedduu, Midhaa, Harka Caalu, Saalaa, Haadhaa, Abbaa. Akkasumas dogoggora qub-guddeessaa qaba. Jalqaba barreeffama keeyyata yeroo eegalu barataan kun barreesse dabalee "D.C" irraa ilaaluun ni danda'ama. Akkuma armaan olitti ibsame, keeyyatni barataa kanaa, ulaagaalee amaloota keeyyata gaarii akka Dyen(2005) ibse sana hin guutu. Ulaagaalee amaloota keeyyata gaarii dabalee "A" irraa ilaaluun ni danda'ama.

### 4.1.4.Barataa "D"

Keeyyata barataan "D"n barreeffame immoo akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

> Karaalee vayiraasiin HIV/AIDS ittiin dadarbuu hedduutu jiruu. Isaanis, Meeshaalee qaraa qabaa waliin fayyadamuun, Fkuf lilmoo,qaraabaa Akkasumaas Osoo qorannoodhiigaa hin tasiisiin wal-qannamtii salaa rawawachuu dhiisuu. Haati tokkoo ilmoo (dhaala) godhaachuun duraa Garamana yaalaa demtee qoratamtee boodaa yoo akka tasa ta'ee dhibbeen HIV/AIDSn dhigaa ishee Keessatti argamee gorsaa ogeessaa fayyaatiin deggeramuun akka isheetti hindarbine qorichaa fudhachuuqabdi. Kanaafuu osoo hin qoratamiin wal-qannamtii saalaa gaggessuun babalin vayiraasii kaanaaf sababaa guddaa kan ta'eedha.
>
> Akkatasaa ta'ee namni vayiraasii kanaan qabamee yoo balan qamaa isaa irra gahee qamni isaa dhiigee dhiigaa isaa osoo hin tuqiin garaa mana yaalaa gessuu/immoo hangaa inni manaa yalaa gahuuti osoo dhiigaa isaa hin tuqiin yaaluu fi k.kf yoo goonee karaalee dadarbaa HIV/AIDS ittiin daddarbuu ittisuun ni danda'ama.

Keeyyatni barataa kanaa jalqaba irratti hima ijoo qabaachuun isaa gaarii tahee himootni callaan inni itti fayyadame hima ijoo kana qofa kan ibsan miti. Kana irraa kan ka'e keeyyatichi yaada tokko ol qaba malee akka barbaadamutti yaada tokkicha qofa kan ibsu miti. Kana malees, akkuma olitti ilaaluun danda'amu barreeffamichi keeyyata lama fakkaata. Keeyyatichi unka barreeffama keeyyata tokkoo eegee hin barreefamne. Kana malees keeyyatichi rakkoo hima goolabaa barreessuu, hanqina qubeesufi itti fayyadama qub-guddeessaafi dogoggora itti fayyadama sirna xuqaalees ni qaba.Fakkeenyaaf, jechoonni *meshaalee, qaraa, wal-qannamtii,rawawachuu, dhaala,Garam anafi babalin* keeyyaticha keessatti dogoggora

qubeessuufi jechoota hiika hinqabne barreessuun akka jiru mul'isa. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee"D:D" irraa ilaaluun ni danda'ama. Keeyyatni barataa kanaa akkuma Haileariam(2011,pp25-27)Wabeeffatee Mohammedamin (2015:16) hanqinootni keeyyata barattoonni barreessan keessatti mul'atan yeroo baayyee hanqina itti fayyadama sirna tuqaalee, qubeessuu, unka barreeffamaa, itti fayyadama qub-guddeessaafi hanqina qindoomina yaadaati jedhee ibse mirkaneessa.

### 4.1.5.Barataa"E"

Keeyyatni barataan"E" nbarreeffames akka armaan gadiitti dhiyaatee,Xiinxalamee qaacceffameera.

> Yeeroo ammaa kana dhibeen Addunyaa keenyaa sodaachisa jiru keessaa, HIV AIDS n isa tokkodha. Karaalee daddarbinsa HIV? ADIS keessaa, inni tokkofi inni guddaan walqunnamiti saalaa daangaa hin qabneedha. Inni kan biraa meeshaalee qara qaban kan dhibee kanaan faalamaniitti fayyadamuudha. kan jechuun meeshaalee qara qaban (lilmoo,fi kkf)waliin fayyadamuu, seeraa ala akka ta'ee beekuun nu dandeessisa kanarraan kan ka' ee yeroo ammaa karaa Addunyaarraatti dhibee sodachisafi hamaa ta'ee kan uummata Addunyaa sodachisaa jiruu ta'uu isaa Nama kammiyyuu jalaa kan dhookatu miti. Kanaa karaalee daddarbinsa HIV/AIDS ittisuun danda'amuun keessaa inni guddaan wal qunnamti saalaa daangaa hin qabne raawwachuudhiisuudha.

Barataan kun mata duree "karaalee Eedsiin itti darbu" irratti keeyyata tokko akka barreessu kan barbaadame. Haa ta'u malee, akkuma armaan olitti ilaaluun danda'ama. barataan kun keeyyata yaada tokkicha ol qabu barreessee jira. Keeyyatni barataa kanaa hima ijoo tokkicha hin qabu. Himoonni callaa inni itti fayyadame, yaada tokkicha waa'ee karaalee daddarba HIV/AIDS qofa kan ibsan miti. Kana malees, keeyyatichi irra deddeebbii jechootaafi himootaa qaba. Itti dabalees, dogoggora qub guddeessaafi unka barreeffama keeyyataa eeguu dhiisuu qaba. Fakkeenyaaf dhibeen Addunyaa sodaachisa jiru kan jedhuu irra deddebi'ameera. Akkasumas, jechoonni Addunyaa, walqunnamti, seeraa, Nama, hanqina barreeffama qub guddeessa qabu. Itti fayyadama sirna tuqaalee irratti dogoggora qaba. Fakkeenyaaf qoodduufi mallattoo gaaffii (?) seeraan bakka barbaachisaa ta'etti itti hn fayyadamne. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee "D:E" irraa ilaaluun ni danda'ama. Keeyyata barataa kanaa irraa dogoggorri hubatamuu inni

biroon immoo akkaataa barbaachisummaa isaatti jechoota keessatti sagalee dheeressuufi gababaabsu isaati. Waluma galatti baratichi waa'ee HIV/AIDS hubannoo yoo qabaate iyyuu ogummaa keeyyata barreessuu irratti hanqina guddaa qaba (Dye,005;12)

**4.1.6. Barataa "F"**

Keeyyata barataa"F"n barreeffames akka armaan gadiitti dhiyaatee, xiinxalamee qaacceffameera.

HIV/AIDS dhukkubootaa Nama tokko irraa gara nama biraatti walqunnamitti dangaa hin qaban raawwachuudhaan kan darbu jechuudhaa kana qofaa osoo hin tanee Namai dhiibbee sanan qabame tokko irraa wan qaraa qabuu fudhane itti fayyadamnee nuu qabuu danda'a kanaafuu ofeeggannoo gahan nama barbaachisa wantotaa qara qaban keessaa kan inni itti daddarbuu

1.limoo

2. milacii

3. marfee.

Keeyyatni barataan kun barreesse rakkoolee dandeettii barreessuu baayyee kan of keessaa qabudha. Akka armaan oliitti ilaaluun danda'amu rakkooleen mul'atan rakkoo barreeffama harkaa yookiin tooraan qajeelchanii barreessuu,dogoggora qubeessuu , hanqina ittifayyadama sirna tuqaalee, unka barreeffamaa eeguu dhabuu, hanqina qindoomina yaadaafi caasaa keeyyataa kan of keessaa qabudha. Rakkoolee eeraman kana keessaa, hanqina sirritti qubeessuu, akka fakkeenyaatti yoo fudhanne barataan kun jechoota *Nama qaban, Namai, sanan wan, qaraa, gahan*,irratti rakkoo sirriitti qubeessuu kan qabu ta'uu isaa hubanna. Kana jechuun, dogoggorri mul'atan kan akka qubguddeessa bakka malee fayyadamuu, jechoota hiika hin qabnee barreessuufi dubbachiiftuu gosa adda addaa jecha tokko keessatti osoo hudhaa hin kahiin jecha hin dubbiffamne barreessuu fa'a keeyyata barataan kun barreesse dabalee "D:F"irraa ilaaluun ni danda'ama . Akkuma armaan olitti ibsame keeyyatni barataa kanaa, ulaagalee keeyyata gaarii akka(Getaachoo,2015:102) irratti ibsame hin guutu. Ulaagaalee amaloota keeyyata gaarii kanas dabalee "A" irraa ilaaluun ni danda'ama.

### 4.1.7. Barataa "G"

Keeyyatni barataa"G"n barreeffames akka armaan gadiitti dhiyaatee, xiinxalamee qaacceffameera.

-HIV/AIDSin dhukkuba wal-qunnamtii saalaan daddarbudha. Dhukkubni kun biyya keenya keessatti lubbuu Namoota hedduu kan galaafateefi ammas galaafachaa kan jirudha. Dhukkubni HIV/AIDS wal-quunnamtii qofaan daddarba miti. Karaalee biroo kanneen akka lilmoo Nami dhukkuba kanaan qabametti fayyadamuu, dhiiga utuu hin qoratiin waliif ergisuu fi madaa Nama dhukkuba kaanan qabamee tuttuquun dhukkubnikun akka namarraanamatti daddarbu godha.kanaaf namni kamiyyuu lilmoo qaroqabu kamNamnikun itti fayyadame irraa of qusachuufi kanneen biroo irraallee of eeguun HIV/AIDSn akka xiqqaatu gochuun ni danda'ama.

-walumaa galatti Biyya keenyatti karaalee armaan olitti ibsaameen hedduminaan babalatee waan jiruu lubbuu Namoota hedduu galafateera.kanaaf falli immoo erga karaa daddarba isaa hubannee irraa ofeeguun barbaachisaadha.

Keeyyatni barataankun barreesse yaada tokkicha qabaachuufi itti fayyadama caasaalee keeyyataa irratti gaariidha. Garuu,akkuma armaan oliitti ilaaluun danda'amu rakkoo barreeffama harkaa yookiin rakkoo qajeelchanii barreessuu, dogoggora qubeessuu,sirna tuqaaleefi unka barreeffama eeguun barreessuu irratti hanqina qaba. Rakkoo sirna tuqaalee,akka fakkeenyaatti yoo fudhannee barataan kun seeraan ala sarara xiqqaan(-) jalqabaafi gidduu keeyyataa irratti himoota barreessuun eegaleera.Fakkeenyaaf jechoo qaro qabu,kamNamnikun, kana irraa dogoggorri mul'atu jechoota lamaafi lamaa ol walqabsiisuun barreessu, qub-guddeessa bakka malee fayyadamuufi jechoota hiika biroo kennan fayyadamuudha. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee "D,G" irraa ilaaluun ni danda'ama. Barataan kun hubannoo inni caasaalee keeyyata irratti qabuufi hima ijaaruu irratti qabu gaariidha. Garuu, sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamee keeyyata barreessuu hin dandeenye(Tafarii,2004:126)

### 4.1.8. Baratay “H”

Keeyyatni barataa“H”n barreeffame akka armaan gadiitti dhiyaatee xiinxalamee qaacceffameera.

HIV/AIDsn dhukkuboota vaayireesiin dhufuyoo ta’ee karaalee adda addaa

daddarba. Isaan keessaa muraasnii akka armaan gadiitti tarreeffamaniruu.

Isaaniis:

a) karaa walqunnamtii daangaa hinqabnee,

b) Meeshaalee qara qaban kan namni vayireesiin qabamee

itti fayyadamettifayyadamuu

c .Haadhavaayireesiin qabamte irraa garaa ilmootii fi kkf dha.

Kanaafuu HIV/AIDSn karaalee armaan olii nama dhukkubsataarraa gara

Nama fayyooti jechuudha.

Keeyyatni barataa kanaan barreeffame hima ijoo,hima callaafi hima goolabaa qaba. Tokkummaa yaadaafi walta’iinsa yaadaa ni qaba. Haa ta’u garuu, keeyyatich bifa himaatiin barreeffame malee, qindoomina keeyyataa hin qabu. Akkasumas itti fayyadama qub-guddeessaafi qubeessuu irratti hanqinni tokko tokko ni mul’atu. Fakkeenyaaf jechi fayyoon jedhu dogoggora qubeessuu qaba.Kana malees rakkoo unka barreeffamaa eeguu qarqara bitaafi mirga waraqaatti seeraan fayyadamuu qaba. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee “D.H” irraa ilaaluun ni danda’ama. Akkasumas,keeyyatni barataa kanaa ulaagaa keeyyatni tokko of keessaa guutumma guutuutti of keessaa hin qabu. Hanqina jechoota dheeressuufi gabaabsuu irraa kan ka’es hiika jechootaa jijjiiruun ni mul’ata (Dye,2005:16). Ragaaleen armaan oliitti ibsaman barataan kun hanqina keeyyata barreessuu qabaachuusa ni mirkaneessu.

### 4.1.9. Barataa “I”

Keeyyatni barataa “I”n barreeffames akka armaan gadiitti dhiyaatee,xiinxalamee qaacceffameera.

hiv.AIdsii karaalee adda addaa darbuu danda’a Isaanis walqunamtii

Saalaa daangaa hin qabnee.dhiigaa Namaa hinqoratamin.Fudhaachuudhan

Wanttoota qara qabnanwalii fayyaddamu darbuu danda’a.

Unki barreeffama keeyyataafi qubeessuun baratаа kanaa,rakkoo jalqabarratti mul'atudha. Fakkeenyaaf, haala itti fayyadama qarqara waraqaa gama bitaafi mirgaa ilaaluun ni danda'ama. Haaluma walfakkaatuun, keeyyatichi rakkoo qubeessuu qaba. Fakkeenyaaf, jechootni *hiv AIdsii, dhigaa,Namaa,wanttoota* hanqina qabu. Jechoonni *Namaa, fayyaddamuu* jedhanis dogoggora itti fayyadama qub-guddeessaa qabu. Akkasumas, jechi danda'aa jedhu hanqina tuqaafi hudhaa walfaana fayyadamuun hiika jechaa jijjiiruu qaba. Kana malees jechoota jabeessuufi laaffisuun jechoota keeyyaticha hin ibsine itti fayyadamuun ni mul'ata. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee "D.I" irraa ilaaluun ni danda'ama. Barataan kun keeyyata barreessuu miti hima sirrii ijaaruu hin dandeenye. Kanaafuu,keeyyatni isaa dogoggora hedduu waan qabuuf akka Dye, 2005:16)ibsutti ulaagaa keeyyataa hin guutu.

**4.1.10. Baratаа "J"**

Keeyyatni baratаа "J"n barreeffame akka armaan gadiitti dhiyaatee, xiinxalamee qaacceffameera.

Karalee HIV/AIDS Dadoru keessa tokko karralee Arman Gaditti nis karralee
walqunnamti saladango qabnee fi karaalee sibilo qarra qabani
Karralee walqunnamti saladangan qabnee yoojennu namni HIV,AIDSn qabame
tokko walqunnamti salonamoota waliin yoboyyise dhibeensun akksalphatinama
ta heddu qabudanda.
Karralee sibiloota qarra qaban
Karralee sibiloota qaraboniin darbu kan danda'u. namni HIV/AIDSn
qabametokko sibila tokkoti fayyadamera yota'e Inni fayyanis sibilichati
yoo fayyadamee salphaati darbuudanda'a.

Unki barreeffama keeyyata baratаа kanaa, rakkoo jalqabarratti argamudha. Haaluma wal fakkaatuun, keeyyatichi rakkoo qubeessuufi itti fayyadama sirna tuqaalee qaba. Akkasumas, himoota yaada tokkicha qaban sarara haaraa irratti eegaluun jala sararee barreessera. Keeyyata barataan kun barreesse dabalee "D.J" irraa ilaaluun ni danda'ama. Keeyyatni baratаа kanaa baratichi keeyyata barreessuu irratti beekumsa gahaa akka hin qabne mul'isa. Fakkeenyaaf, jechoonni Dodoru,karalee, qarabonin jedhani keeyyaticha keessatti hiikni isaani hin beekamu. Sababni isaas, qubee sirriitti fayyadamuu dhiisu, keeyyata akka barreessuuf itti himameetti barreessuu dhiisuun keeyyata tokkoo ol waantota adda addaa barreesse jira. Kana malees,

barataan kun itti fayyadama sirna tuqaaleefi hiika jechootaa jijjiiruudhaan yaadota hin barbaachisne barreesse jira(Tafarii,2004:126)

#### 4.1.11. Barataa “K”

Keeyyatni barataa “k”n barreeffames akka armaan gadiitti dhiyaatee xiinxalamee qaacceffameera.

> HIV/AIDS karaalee hedduu daddarbuu danda’a. HIV/AIDs Dhukkuboota daddarbuu danda’an keessaa isa tokko karaalee inni ittiin daddarbu keessaa murasni kanneen armaan gadii ta’a.fknf karaaleen amatiin daddarbu walqunnamtiisaalaa daangaa hin qabneen, wantoota qara qaboni waliin fayyadamuun,fi kkf daddarba kana malees dhukkubni HIV/AIDSn dhukkuba Baayyee balaaleffamafi cimaa waan ta’eef karaalee inni itti daddarbuu hambi Suun barbaachisodha.
>
> dhukkubni kun daa’imman abbaaf haadha malee hambisuu danda’a fkn hadharraa gara daa’imatti kaninni daddarbu kara hidda handhuratiini kanaaf Dhukkubni kun Dhukkuba daawwaa hin qabnee waan ta’eef ofeeggannooguddaa gochu qabna jechudha.

Barreeffamni barataa kanaa hima ijoo ifa ta’e hin qabu. Kanaafuu, keeyyata gahaa tokko jedhamee ilaalamuuf rakkoo qaba. Akka hima goolabaatti kan barataan kun ibse himni kanaaf *dhukkubni kun dhukkuba daawwaa hin qabne waan ta’eef of eeggannoo guddaa gochuu qabna jechudha jedhu*. Walta’insa yaada hima ijoo wajjin hin qabu. Akkasumas,keeyyatichi itti fayyadama sirna tuqaaleefiqubeessuu irratti rakkoo qaba. Keeyyata barataan kuni barreesse dabalee “D.K” irraa ilaaluun ni danda’ama. Akkuma armaan olittii ibsame hanqinootni keeyyata barataa kanaa keessatti mul’atan baraticha akka beekumsaafi shaakala keeyyata barreessuu hin qabne agarsiisa. Keesumaa, keeyyatni tokko yaada tokkicha qofa calaqisiisuu osoo qabu akka yaada adda addaa qabaatu gochuun barreessee jira. Kun immoo dogoggorri isaa guddatee kan mul’atudha. Kanaafuu, amaloota keeyyataa beekanii barreessuu irratti hanqina qaba(Getachoo, 2015;102). Kana malees, unki barreeffama barataa kanaa yoo ilaalle seera keeyyataa eegee kan barreeffame miti.

### 4.1.12. Baratаa "L"

Keeyyatni baratаa "L"n barreeffame akka armaan gadiitti dhiyaatee,xiinxalamee qaacceeffameera.

hiv AIds siin karaalee adda addadarbuu dand'aa.isaaniis, walqunamtii saalaa daangaa hinqabneen, dhiiganamaa hin qoratamiin fudhachuudhaan, wantoota qara qabanwaliin ayyadamuudhaan darbuu danda'a.

Keeyyatni baratаa kanaan barreeffame hima callaa gahaa ta'eefi hima goolabaa hin qabu. Unki barreeffama keeyyata baratаa kanaas rakkoo qaba. Fakkeenyaaf jechoonni haala itti fayyadama qarqara waraqaa gama bitaafi mirgaa ilaaluun ni danda'ama. Haaluma wal fakkaatuun, keeyyatichi rakkoo itti fayyadama qubguddeessaa qaba. Fakkeenyaaf jechoonni *hiv, isaaniis, wantoota* jedhan mallattoo tuqaatti aananii waan jiraniif qub-guddeessa tahuu qabu ture. Keeyyata baratаa kanaas, dabalee "D.L" irraa ilaaluun ni danda'ama. Akkuma armaan olitti ibsame, keeyyatni baratаa kanaa, ulaagaalee keeyyata gaarii akka Dye(2005) irratti ibsame hin guutu. Ulaagaalee amaloota keeyyata gaarii kanas dabalee"A" irraa ilaaluun ni danda'ama.

### 4.1.13. Baratаa "M"

Keeyyatni baratаa "M"n barreeffames akka armaan gadiitti dhiyaatee xiinxalamee qaacceeffameera.

karalle dhibbee Eedsiin ittiin darbuu inni tokko walqunnamti dangaa hin qabnee raawwachuu dhan kan daddarbuu jechuudha.

Kanaa qofa osoo hintannee namni dhibbe kanaan qabaamee mehaa isaa barbachiisuu qofati basuu fi barbachiisadha HIV/AIDS meeshallee qaraa qabanii dadarbuu nidanda'uu

Fkn 1 Limoo

2 milacii

3 marfee

meeshallee kanan dadarbuu danda'a.

Keeyyata barataan kun barreessee rakkoolee dandeetti barreessuu baayye kan of keessaa qabudha. Rakkooleen kunneesi, rakkoo sirritti qubeessuu,dogoggora sirna tuqaalee,unkaa barreeffamaa eegu dhiisuu,hanqina qindoomina yaadaafi caasaa keeyyataa kan of keessaa qabudha. Rakkoolee eeraman kana keessaa rakkoo sirriitti qubeessuu akka fakkeenyaatti yoo fudhannee; barataan kun jechoota *karalle, iittiin, osso, qabaamee, mehaa, basuu meshalleefi qaraa* jedhan keeyyaticha keessatti dogoggora qabu. Keeyyata barataa kanaas dabalee "D;M" irraa ilaaluun ni danda'ama. Akkasumas, jechoota wal fakkaatan qoodduu galchee walitti fufuun barreessuu osoo danda'uu lakkoofsa itti kennuudhaan sarara adda addaa irratti eegaluun jechoota tarreessee barreessuun hanqina keeyyata sana keessatti mul'atudha. Akkuma olitti ibsame keeyyatni barataa kanaa hanqinoota keeyyataa isaan Mohammedamin (2015) ibse wajjiin wal fakkaata.

#### 4.1.14. Barataa "N"

Keeyyatni barataa "N"n barreeffame akka armaan gadiitti ilaalameera.

01.karaalee HIV/AIDS ittiin daddarbban kanneen armaan gadiiti kara HIV/AIDS iittiin darbuu salaa. Qunnomtii dangaa hinqabnenin fi wantootaa qaraa qaban kanneeni akka limoo,milaaci faa irraa kan ka'ee namaa qabuu dandaa. Kanaafuu ilmaan namoota kan irraa ofii egaachuu dadhabuu dhaan du'aaf saaxilamaa jira. Kanaaf bal'aa akkaa tasaa kan irraa ofiiegaachuudhaf qonnoo fi qoraannoo irraa of eehaachuu barbaachiisadha. Of egachuudhaaf wantooni barbaachiisanii kanneeni armanii gabiit 01. mana walnsaa deemanii qoratamuu

02. walnsa gahaa ta'ee argachuu

03.Saala qunamtii Danga hin qabnee rawachuu dhiisuu

Barataan kun waa'ee mata-duree kennameef irratti barreessuu osoo qabuu,yaada birootti ce'ee tokkummaa yaada keeyyatichaa osoo hin eegiin hafeera. Fakkeenyaaf,kan Inni akka barreessu gaafatame waa'ee 'karaalee Eedsiin itti daddarbu' osoo ta'ee jiruu.Waa'ee ittisaHIV/AIDS irratti xiyyeeffachuun isa argisiisudha.Kana malees,barataan kun rakko itti fayyadama qub-guddeessaafi sirna tuqaalee akka qabaatu argama.Fakkeenyaaf,jechoonni *kara, iittiin, salaa, qunnomtii, qaraa, akkaa, qonnoo, qoraannoo, echaachuu, walnsaafi Danga* dogoggora qubeessuu qabu. Keeyyata barataa kanaa dabalee "D;N" irraa ilaaluun ni danda'ama. Kana irraa waanti hubatamu, barataan kun yaada ijoo qofa irratti xiyyeeffatee

keeyyata barreessuu akkasumas dogoggora qubeessuufi jecha sirrii ta'e barreessuu irratti hanqina qabaachuu isaati. Dabalataanis, barataan kun jecha dheerachuu qabu gabaabsuudhaan hiika jecha barbaadamee jijjiiruun, jecha safuu qabu barreessuun yaada keeyyatichaa akka sirriitti hin hubatamne gochuun ni mul'ata. Karaa biroos barataan kun keeyyata isaa keessatti kan mul'atu himootaaf lakkoofsa kennuun akka nama qabsiisa qabatuutti barreessuun hanqina isa biroodha(Ali and Masomeh,2014;36).

#### 4.1.15. Barataa "O"

Keeyyatni barataa "O" n barreeffamees akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

dhibeewwan ilmaan namaarratti dhiibbaa cimaa fidaa jiruu keessaa HIV/AIDSiin isa tokko dhibeen HIV/AIDSii saala amantaa bakka ilma namaa

du'uufi saxilaa jiruu

A, walaa qunaatii saalaa daddarbu

B, wan qaraa qabuun daddarba

C, dhigaa walii kenu daddarba

Kanaafuu heddu tokkoo tanee habalesinuu

Keeyyatni tokko yaada tokkicha qabaachuun isaa beekamaadha. Haaluma kanaan barataan kun hima ijoo keeyyatichaa irratti hanga tokko barreesseera. Haa ta'u malee, waa'ee mata-duree kennameef qofa irratti barreessuu osoo qabuu, yaada birootti ce'ee tokkuma yaada keeyyatichaa balleesseera. Fakkeenyaaf, miidhaa dhibee HIV/AIDSfi ittisa isaa irratti xiyyeeffachuun isaa rakkoo wal ta'insa yaada keeyyatichaa mul'isa. Kana malees, barataan kun, rakkoo itti fayyadama qub-guddeessaafi sirna tuqaaalee akka qabutu argama. Fakkeenyaaf, jechoonni *walaa, qunaatii, wan qaraa, dhigaa, kenu, kanafuu, habalesinnu kanneen* jedhan dogoggora qubeessuu qabu. Keeyyata barataa kanaa dabalee "D;O" irraa ilaaluun ni danda'ama. Akkuma armaan olitti ibsame, keeyyatni barataa kanaa, ulaagaalee keeyyata gaarii akka Dye (2005) irratti ibsamee hin guutu. Ulaagaalee amaloota keeyyata gaarii kanaas dabalee "A" irraa ilaaluun ni danda'ama.

## 4.2. Hanqinoota Keeyyata Barreessuu Barattootaa

Kutaa kana jalatti hanqinootni keeyyata barreessuu barattootaa xiinxalaafi qaacceessa armaan olii keessatti mul’atan iddoo tokkotti ibsamaniiru. Rakkooleen dandeetti barreessuu keeyyata barattootni kun barreessan keessatti mul’atan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Gabatee 1: Rakkoolee Barreessuu Keeyyata Barattootni Barreessan Keessatti Mul’atan

| Barataa | Rakkoo/Hanqina | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | Hima ijoo | Hima callaa | Hima goolab | Tokkumma yaada | Tartiiba qindoomina | Qubeessuu | Sirna tuqaalee | Unka barreessuu |
| A | | | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| B | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| C | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| D | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| E | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| F | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| G | | | | | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| H | | | | | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| I | | | | | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| J | | | | | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| K | | | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| L | | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| M | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| N | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |
| O | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ | ✓ |

✓ Furtuu: Mallattoo barataan sun rakkoo qabaachuusa argisiisu.

Hanqinootni keeyyata barreessuu baratootaa kanneen armaan olitti tarreeffaman qofa miti. Haa ta’u malee, qabxiilee tarreeffaman kana irratti xiyyeeffachuun, rakkoolee dandeetti keeyyata barreessuu barattootni qaban gabatee armaan olitti cuunfameera. Gabatee armaan olii irraa kan hubatamu tartiibaafi qindoomina yaadaa eeganii barreessuu, qubeessuu, sirna tuqaaleefi unka barreessuu hordofuun keeyyata barreessuu irratti barattootni hundi hanqina guddaa qabaachuu

isaaniti. Barattoota muraasa irraa kan hafe, irra guddaan isaanii hima goolabaa barreessuufi tokkummaa yaada keeyyataa eeguu irratti hanqina qabu.

Barattoota muraasa irraa kan hafe irra caalaan isaanii immoo hima ijoofi hima callaa keeyyata barreessuu barattoota keessatti calaqisuu danda'an akka ta'an ragaaleen adda addaa ni ibsu (Italo, 1999: Mohammedamin,2015).

### 4.3. Madda Hanqina Keeyyata Barreessuu Barattootaa

Armaan olitti rakkooleen keeyyata barreessuu barattootaa qormaataan argaman xiinxalamanii jiru. Mata-duree kana jalatti immoo rakkoolee adda bahan kanneeniif madda kan ta'aniti ibsame. Madda dogoggora keeyyata barreessuu ilaalchisee deebiin af-gaaffiidhan barattootaafi barsiisota Afaan Oromoo irraa argame qaacceeffamaniiru. Ragaan argame akka mul'isutti maddi hanqina keeyyata barreessu barattoota kanneeniis dhimmoota barattoota, dhimmoota barsiisota, meeshaalee barnootaafi qophii sirna barnootaa wajjiin wal qabatan yoo ta'an, isaanis akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

#### 4.3.1. Dhimmoota Barataa Ilaallatan

Madda hanqina keeyyata barreessuu barattoota ilaalchisee odeeffannoon barattootaafi barsiisota irraa argame akka ibsutti barattoonni ofuma isaanii madda rakkoo keeyyata barreessuu akka ta'anidha. Barattoonni Afaan Oromoo baratan kunis akkamitti madda hanqina keeyyata barreessuu akka ta'an yeroo ibsan baay'een deebistootaa (hirmaatootni qormaatichaa) beekumsa akkaataa keeyyatni itti barreeffamu dhabuu, shaakala keeyyata barreessuu gahaa dhabuufi dhiba'ummaa barattootaa akka tahe ibsu.

##### 4.3.1.1. Akkaataa Keeyyatni Itti Barreeffamu Beekumsa Gahaa Dhabu

Gaaffii waa'ee barataan akkamittiin madda hanqina dandeettii keeyyata barreessuu ta'uu danda'a jedhu yeroo deebisan barsiisonni sadanuu barattootni akka isaan maalummaa, faayidaafi akkaataa keeyyata barreessuu irratti beekumsaafi hubannoo gadi fageenyaa akka hin qabne ibsu. Dhimma kana yeroo ibsan barsiisonni afaanicha barsiisan, barattoonni baay'een afaanicha dubbachuu waan beekaniif waan isaan barreessan hundi keeyyata sirrii itti fakkaata jedhu. Daree keessatti keeyyata barreessuu yoo barataniyyu seeraafi adeemsa keeyyata eeganii barreessuu

irratti xiyyeeffannoo kennanii akka barattootni kun hin hubatiinitti ibsu. Fakkeenyaaf, akka barsiisaa “A”n jedhetti:

> Barattoonni adeemsaafi akkaataa barreeffama keeyyataa eeganii hin barreessan fakkeenyaaf barattootni keeyyata barreessuu jalqabuun dura itti hin yaadan. caasaa keeyyataa eeganii hin barreessan. Waanuma yaada isaanitti dhufe barreessu. Yaadni keeyyata isaan barreessan qindoominaafi tokkummaa hin hin qabu. Keessa deebi’aniis isa barreessan hin sirreessan. Kanaafuu dogogg ora qubeessuu, sirna tuqaaleefi yeroo barreessan hanqinaafi laaqatu baay’ata.

Yaadni kun kan mul’isu barattootni keeyyata yoommuu barreessan adeemsa keeyyata barreessuu hin beekan jechuudha. Kunis hanqinichi barattoota bira akka tahe mirkaneessa. Barattootni baayy’eenis deebidhuma barsiisota kanaa deeggaru. Barattootni baayy’een Afaan Oromoo dubbachuu waan beekaniif barreeffamni isaan barreessan hundi sirrii isaanitti fakkaata. Dhimma kana ilaalchisee baratаа ‘S’n tokko akkana jedhe”….*karaa barattootaas hanqinni jira yeroo jennu, yemmuu barataan afaan itti dhalannedha jechuun akka haasaa afaanichaan haasa’aniitti afaanichaan barreessuunis salphaadha jedhanii waan yaadaniif seeraafi akkaataa keeyyata itti barreessan ilaalchisee beekumsaafi hubannoo gahaa dhabuun ni jira”.*

Akka waliigalaatti barsiisonniifi barattootni harka caalaa beekumsa gahaa dhabuun barattootaa dandeettii keeyyata barreessuu kanaaf madda rakkinichaa akka ta’e mirkaneessu. Kanaafuu, akkaataa keeyyata barreessuu dhabuun barattootaa madda hanqina keeyyata barreessuu waan ta’eef xiyyeeffannoon itti kennamuu qaba. Akkaataa keeyyata barreessuu beekuu dhabuun kunis madda ijoo hanqina keeyyata barreessuu akka ta’etti ragaaleen adda addaa lafa ka’a(Alifi Masomeh,2014: Mohammedamin,2015).

#### 4.3.1.2. Shaakala Keeyyata Barreessuu Dhabuu

Barreeffamni kamiyyu ogummaa akka ta’eefi daandeettiin barreeffama gaarii akka inni shaakala irraa argamu beekamaadha. Kanaafuu, shaakalliifi muuxannoo keeyyata gaarii barreessuuf baay’ee barbaachisaadha. Gaaffii barattootni akkamitti madda hanqina keeyyata barreessuu ta’uu danda’uu jedhuuf barsiisonni hundi isaanii shaakala gaha dhabuu barattootaa akka dhimma ijootti ibsu. Fakkeenyaaf, deebii barsiisaa “B” akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda’ama.

*"Barnoota Afaan Oromoo barattootni kutaa 9ffaa torbeetti wayiitii lama qofa baratu. Barattootni daree tokko keessaa 70 hanga 80 ni ta'u. Akkaata barreeffama keeyyata daree barnootaa keessatti shaakalsiisuun yeroo gaafata. Hanqina yeroofi baay'ina barataa irraa kan ka'e barattootni yeroo baay'ee shaakala gahaa hin argatan"* jedhe.

Barattootnis gaaffiidhuma kana gaafatamanii deebii isaan kennan yaaduma barsiisotaa kan deeggarudha. Barattootni baay'een muuxannoo barreeffama daree keessattis ta'e dareen alatti shaakaluu akka hin qabne ibsu. Fakkeenyaaf, barataa "P"n akkas jechuun shaakala keeyyata barreessuu akka hin qabne ibse.

"*Akka ani yaadutti keeyyata barreessuun yeroo dheeraa fudhata. Daree barnootaa keessattis ta'e dareen alatti yeroo dheeraa fudhatanii waa barreessuu irratti muuxannoo waan hin qabneef nama nuffisiisa. Kana irraa kan ka'e nuti barattootni yeroo baay'ee keeyyata dabalatee waa barreessuu hin shaakallu "*jedhe.

Waluma galatti, barsiisonni Afaan Oromoofi barattootni baayyeen shaakala gahaa dhabuun hanqina ijoo akka tahe ni mirkaneessu. Keeyyata barreessuun ogummaa shaakala barbaadudha (Italo,1999). Kanaaf keeyyata gahaafi gaarii tokko barreessuuf barattootni daree barnootaa keessattiifi dareen alatti shaakalaa gahaa gochuu qabu jechuudha.

**4.3.1.3. Dhibaa'ummaa**

Barsiisota Afaan Oromoo sadiifi barattootni af-gaaffii deebisan marti Afaan Oromoo barattootaa baayyeef afaan dhalootaa waan ta'eef akkuma dubbachuu isaa beekan barreessuu isaas waan beekan isaanitti waan fakkaatuuf xiyyeeffannoo itti hin kennan jedhan.

Akkuma armaan olitti caqasame afaan itti dhalannedha jechuun xiyyeeffannoo gahaa itti kennuu dhabuu irraa kan ka'e dandeettii isaan Afaan Oromoodhaan keeyyata barreessuuf qaban hanqina guddaa qaba jedhan barsiisonni. Dhibaa'ummaa barattoota kanaa ilaalchisee barsiisaa "C"n akkana jedhe: "*Dandeettii barreeffama isaanii guddiffachuuf barattootni shoora guddaa qabu. Haata'u malee, yeroo baayyee barattootni dandeettii barreeffama keeyyataa fooyyeffachuuf yaalii hin godhan. Akka hojii manaatti keeyyata barreessanii akka fidan yeroo kennamuuf wal irraa galagalchanii ykn kitaaba irraa kallattiin galagalchani barreessu"*

Barattootni harki caalus dhibaa’ummaan baratаa madda hanqinaa akka ta’e ilaalchisee baratаa “Q”n akkana jechuun ibse.

> Nuyi barattootni barsiisaa qofa irraa waan hunda eeguu hin qabnu. Dandeettii keeyyata barreessuu keenya kitaaba Afaan Oromoo dubbisnee, nama biroo gaafannee, akkasumas walgaafannee fooyyeeffachuu qabna. Garuu baayyeen keenya Afaan Oromoon dubbisuu waan dandeenyuuf afaanichaan barreessuun salphaa waan nutti fakkaatuuf xiyyeeffannoo itti hin kenninu.

Kana jechuun immoo, barattootni dogoggora yookiin rakkoo barreeffama isaanii keessatti mul’achuu malu keessaa deebi’anii sirreessuuf tattaaffii kan hin goone ta’uu isaaniiti. Amalli kun sadarkaa gadiitti eegalee waan faana guddataa deemeef, rakkoo amma barreeffama isaanii keessatti mul’atu kanaaf madda ta’eera. Ammas kanarraa kan hubatamu, barattootni barreeffama dura qopheessan tokko gulaaluufi keessa deebi’anii sirreessuun kan isaan hin yaachisne tahuusaati. Sababni isaas waan barreessan sana sirriidha jedhanii waan ofitti amananiif. Kun immoo, barattootni shaakala dheeraa gochuu dhiisuu isaaniif ka’umsa ta’a. Kanaafuu, afaanicha salphisanii ilaaluun isaanii dhibaa’ummaan madda rakkinichaa akka ta’etti ibsama.

### 4.3.2. Dhimmoota Barsiisaa Ilaallatan

#### 4.3.2.1. Akkaataa Yaada-deebii Kennuu Barsiisaa

Ogummaan keeyyata barreessuu ifaajeefi tattaaffii dhuunfaa baratаa akka gaafatu beekamaadha. Gaheen barsiisaa yeroo baayyee dogoggora barataan raawwatu qalama diimaatiin sororsuu, sirreessuufi yaad-deebii kennuudha. Gaaffii barsiisaan akkamitti madda hanqina keeyyata barreessuu barattootaa ta’uu danda’aa jedhuuf barsiisonni Afaan Oromoo “A”,”B”fi “C”n yaada wal fakkaata akkana jechuun deebisan.

Keeyyata barreessuuniifi keeyyata barattoonni barreessan sororsuun yaad-deebii kennuun yeroo dheeraa gaafata. Barattootni daree barnootaa keessaa 70 hanga 90 ni ta’u. Kanaaf yerootti fayyadamuuf jecha yeroo baayyee keeyyata barreessuu akka hojii maneefi abbaltiitti barattootaaf kennina. Tokko tokkoo barataaf barreeffama sirreessuufi yaad-deebii kennuun baayyee rakkisaadha. Yerootti fayyadamuun qabiyyee barnootaa guyyaa xumuruuf jecha barattootaaf yaad-deebii gahaa osoo hin kenniin irra taruun jira.

Barattoonnis yaaduma barsiisonni kaasan kana cimsanii mirkaneessan. Barattootnni hundai akka deebisanitti barsiisota irraa yaad-deebii gahaa akka hin argannedha. Fakkeenyaaf baratataan “R” dhimma kana gaafatamee akkana jechuun yaada laateera.

> Barsiisonni yeroo baay’ee waan barreeffama ilaallatu akka hojii maneetti nuuf kennu. Akka qormaataatti itti madaalamna malee dandeettii barreessuu keenya fooyyeeffachuuf shaakalaafi yaad-deebii gahaa hin argannu. Yeroo baayyee barsiisonni keenya qalma diimaadhaan dogoggora keenya eeksii(x) godhu malee dogoggora keenya qubee, himaafi keeyyata sirrii ta’een barreeffamaan nuuf hin sirreessan. Yaad-deebii gahaa hin argannu

Yaada barsiisotaafi barattoota kana irraa waanti hubatamu barsiisoonni afaanicha barsiisan barattootaaf yaad-deebii gahaa akka hin kenninedha. Yaad-deebii gahaa dhabuun barattootaa immoo madda hanqina keeyyata barreessuu akka ta’e Italo (1999) ni ibsa. Yaad-deebiin barattootni keeyyata akka fooyyeessanii barreessaniif isaan gargaara.

#### 4.3.2.2. Hanqina Dandeettii Barreeffama Irratti xiyyeeffannaa Kennuu Barsiisaa

Gaaffii barsiisaan akkamitti madda hanqina keeyyata barreessuu barattootaa ta’uu danda’a jedhuuf barattootni hedduun, maddi hanqinichaa barsiisaa akka tahetti lafa kahu. Fakkeenyaaf, barataa “T”n akka armaan gadiitti ibsa: “*Barsiisonni tokko tokko gilgaala yookiin gochaalee dandeetti barreessuu gabbisuuf qophaa’an akka hojii daree yookiin hojii manaatti nuuf kennu. Haa ta’u malee, barattoota muraasa afaaniin gaafachuun yeoo isaan deebisaa yaalan, dhiisee bira darba. Kun immoo, dandeettii barreessuurratti xiyyeeffannaa kennuu dhiisuu argisiisa”.* Kanaafuu, barsiisaanis gama isaatiin madda rakkinichaa akka ta’etti ibsu. Yeroo hedduu, barsiisonni akkana godhan barsiisota sadarkaa gad aanaa akka ta’anis dabalanii ibsaniiru. Kanaafuu, akka ragaaleen armaan olii irraa hubachuun danda’amu xiyyeeffannoo barsiisonni keeyyata barreessuu barattootaaf kennan xiqaa fakkaata.

### 4.3.3. Dhimmoota Mana Barumsaa Ilaallatan

#### 4.3.3.1. Hanqina Kitaabaafi Barruulee Afaan Oromoo

Deebii gaaffii waa’ee madda hanqina keeyyata barreessuu ilaalchisee, hanqina meeshaalee barnootaati? Akkamitti? Jedhuuf barsiisonni sadanuu ‘eeyyee’ jedhanii deebisan. Barsiisonni kun

hundi isaanii hanqinni kitaabilee dandeetti barreessuu irratti jiran madda rakkina dandeettii barreessuu barattootaa akka ta'ani ibsu. Fakkeenyaaf, hanqinni kitaabaafi barruulee Afaan Oromoo akka jiru yeroo ibsu. Barsiisaa "B"n akkana jedhe: "*Kitaabni barataa Afaan Oromoo barattoota dhuunfaa dhuunffaatti wal hin gahu. Manni barumsichaa barruulee Afaan Oromoo kanneen akka asoosama gahaa mana kitaabaatii hin qabu. Kana irraa kan ka'e barattootni dandeettii barreeffama isaanii gabbifachuuf beekumsa gahaa hin argatan"*jechuun dubbate. Kana malees, barattootni harki caalaan yaaduma barsiisota kanaa kan deeggaranidha. Barattootni waa'ee hanqina kitaabaafi barruulee Afaan Oromoo manni barumsichaa qabu hedduminaan ibsu. Fakkeenyaaf barataan "T" waa'ee hanqina kitaaba Afaan Oromoo akkana jedhe ibse. "*Kitaabni barataa tokko tokko wal nu hin gahu. Mana kitaabaatii barruulee Afaan Oromoo gahaa hin argannu. Kana irraa kan ka'e mana kitaabaatti fayyadamnee beekumsaafi dandeettii keenya cimsataa hin jirru."* jechuun waa'ee hanqina kitaabileefi itti fayyadama mana kitaabaa ibse. Kanaafuu, karaa barsiisaafi barataa waan odeeffannoo walfakkaatu argameef, hanqinni kitaabilee, madda rakkoo dandeettii barreessuu barattoota kanaa akka ta'etu hubatama.

#### 4.3.3.2 Hanqina Mana Kitaabaafi Tajaajila" Internet"

Yeroo ammaa tekinooloojiin rakkoolee barnootaa hedduu salphiseera. Keesumaa kompiitarriifi interneetiin barattootni dandeettii barreeffama isaanii akka guddifataniif shoora olaanaa qaba. Deebii gaaffii waa'ee madda hanqina keeyyata barreessuu ilaalchisee, hanqina meeshaalee barnootaati? Akkamitti? Jedhuuf barsiisonni yeroo ibsan, hanqina mana kitaabaafi interneetiin qabu kaasaniiru. Fakkeenyaaf, barsiisaan "C" akkana jedhe.

> Yeroo ammaa dhaloonni haaraan kun barreeffama irratti bobba'eera jechuun ni danda'ama. Barattootni moobaayilii qaban daree barnootaa keessattis ta'e daree barnootaa alatti yeroo isaan barreeffama barreessan argina. Kanneen immoo "face book"n barreessuu jalqabaniiru. Akka yaada kootti kanneen ogummaa bar reeffama isaanii guddisuuf shoora gudda qaba. Garuu manni barumsaa kun ma na kitaabaatii koompitaraafi tajaajila interneetii waan hin qabneef barattootni teeknoolojiitti fayyadamaa hin jiran.

Barattootni tokko tokkos gama isaaniitiin manni kitaabaa mana barumsichaa tajaajila interneetii akka hin qabne kaasaniiruu. Yeroo ammaa manni kitaabaa tajaajila interneeti qabu barattootaaf

barbaachisaadha. Barattootni akka isaan kitaabileefi barruulee adda addaa argataniifi akka isaan barreessuu shaakalan ni gargaara.

### 4.3.4. Dhimmoota Sirna Barnootaa Ilaallatan

Gaaffii maddi hanqinichaa qophii sirna barnootaatii? Akkamitti? Jedhuuf barsiisonni hundi isaanii "eeyyee" sirna barnootaati jedhan. Sirni barnoota Afaan Oromoo mana barumsaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaaf qophaa'e, kitaabilee barataa keessatti hojiilee/ qabiyyee dandeetti barreessuu gabbisuu qaburratti hin xiyyeeffamne. Kan inni irratti xiyyeeffate irra caalaa dandeettii dubbisuurratti akka ta'edha. Fakkeenyaaf, dhimma kana barsiisaa "A"n akkana jechuun deeggara. "*Kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti qabiyyeewwaniifi gilgaalonni hammataman baay'inaan dandeettii barreessuu gabbisuu irratti hin xiyyeeffanne."* jedhe. Kana immoo gochuun kan irra ture qopheessitoota sirna barnootaa akka ta'aniifi rakkinicha amma argamaa jiru kanaafis akka madda ta'anitti ibsa.

Karaa biraas barsiisonni kun qopheessitoota sirna barnoota Afaan Oromoo madda xiyyeeffannaa Afaan Oromootiif kenname salphaadha jedhu. Fakkeenyaaf, kutaa shanii oliif torbaanitti wayitiin Afaan Oromoof kenname wayiitii shanii gadi ta'uun isaa kana akka agarsiistuutti ibsu. Barattootni sirna barnootaa akka madda hanqina keeyyata barreessuu akka ta'e sirriitti hin ibsine. Kun immoo waa'ee sirna barnootaa hubannoo dhabuu barattootaarra kan madde fakkaata. Qophiin sirna barnootaa, qabiyyeefi wayitii barnoota afaanii waan murteessuuf madda hanqina keeyyata barreessuu barattootaafi madda cimina keeyyata barreessuu barattootaa ta'u ni danda'aa.

### 4.3.5. Kanneen Biroo Madda Rakkinichaa Tahan

Barattootni akka yaada isaanii ibsan gaaffiin banaa kennameefi ture. Gaaffichis, rakkoo kanatti kan jettu kan biraa ni jiruu? Yoo jiraatan maal fa'ii? Kan jedhuudha. Gaaffii kana ilaalchisaaniis barsiisonniifi barattootni hedduun madda rakkoo kanaati kan jedhan akka armaan gadiitti ibsamera.

Hanqina gargaarsa maatii barattootaa

Walitti dhufeenya mana barumsaafi maatii barattootaa

Afaan Oromoo yeroo dhihoo afaan hojii waan ta’eef, jalqabarratti namootuma leenjii gadi fageenyaan afaan kanarratti hin qabnetu barsiisaa ture. Namootni kun immoo ofuma isaaniifuu rakkoo dandeettii barreessuu ni qabu. Kanaafuu, rakkoo kanaaf maddi barsiisota dandeettii gahaa barreessuurratti hin qabnedha.

Baay’ina barattoota daree tokko keessaa jirani akka ta’e ni dubbatu. Sadarkaa gadi aanaatti barattootaa 80-120 ta’anii daree tokko keessatti akka barataa turan bal’inaan himu. Kanaafuu,barsiisaan tokkichi barreeffama namoota kana hundaa dubbisee dogoggora tokkoon tokko isaanii qaban akka sirreessan gochuun, humnaanis ta’e yerootiin kan hin danda’amne waan ta’eef, hordoffiin walitti fufiinsa qabu hin turre jechuun bal’inaan ibsu.

### 4.3.6. Yaadota Akka Furmaataatti Deebistootaan Dhiyaate

Dhumarrattis, gaaffiin “Furmaanni rakkoo kanaa maal fa’ii?” jedhu barsiisotaafi barattoota gaaffatamee ture. Gaaffii kana ilaalchisaniis walumaa galatti, barsiisonniifi barattootni odeeffannoo kennan hunduu furmaata hanqina ogummaa Afaan Oromootiin barreessuudha jedhanii kan isaan kaa’anis dimshaashumatti kanneen armaan gadiidha. Isaanis:

Barattoonni barreeffama isaaniif fooyyeeffachuuf shaakala gahaa gochuu qabu.

Barsiisonni dandeettii barreessuu barattootaa irratti xiyyeeffannaafi hordoffii gochuu qabu.

Barsiisoonni shaakalaafi yaad-deebii gahaa ogummaa Afaan Oromootiin barreessuu barattootaaf kennuu qabu.

Baay’inni barattoota daree tokko keessa jiranii hordoffiifi to’annoo barsiisaaf akka mijatuutti barattoota ramaduu.

Ragaalee armaan olii irraa akka hubatamu, rakkoon ogummaa keeyyata barreessuu kan fide irra caalaa baay’ina barattoota daree tokko keessa jiraniifi shaakala gahaa dhabuu barattootaa waan ta’eef qamni dhimmi isaa ilaalu barsiisonni, manni barumsichaafi waajjirri manneetii barnootaa xiyyeeffannoofi furmaata kennuu qabu.

# Boqonnaa Shan:Cuunfaa, Argannoofi Yaada Furmaataa

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsame, rakkoofi mada rakkoo Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kutaa 9[ffaa] mana barumsaa sadarkaa 2[ffaa] Booraa xiinxaluun adda baafachuudha. Galma gahuu kaayyoo kanaafis, qorannoon kun adeemsi barbaachisaa ta'e sadarkaa sadarkaan raawwatameera. Innis meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanamaniifi qorannoo kanaaf barbaachisoodha jedhaman lama (qormaataafi af-gaaffii) fayyadamuun maddeen odeeffannoo kanneen ta'an, barsiisota3fi barattoota21 irraa odeeffannoon walitti qabameera.

## 5.2. Argannoo

Kutaa kana keessatti, hanqini ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattootaa maalfaa akka ta'eefi maddi hanqinichaas maal akka ta'e ifa gochuun yaalameera. Haaluma kanaan, barattootni qorannaan irratti gaggeeffame kun, rakkoo keeyyata barreessuu gurguddoo qabu. Isaanis:

- Rakkoo hima ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baafachuu dhabuu.
- Rakkoo walta'iinsaa, tartiibaafi tokkummaa yaadaa eeguu akka tahe hubatameeraa.
- Itti dabalees rakkoo dandeettii barreeffama harkaa, jechoota sirriitti qubeessuu, sirna tuqaaleetti seeraan fayyadamuu, barreeffama eeguufi haala fayyadama qub-guddeessaa ta'uun beekameera.

Maddi rakkoo yookiin maddi hanqina ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota kanaa maalidha? Gaaffii jedhuuf qorannoon kun ragaarratti hunda'uun ibseera.

Argannoon qorannoo kanaa akka ibsutti maddi hanqina keeyyata barreessuu hedduutu jiru. Isaanis:

- Barattootni ofuma isaaniitii madda hanqina ogummaa barreessuu akka ta'an qorannoon kun mirkaneesseera.

Barattootni ofuma isaanii madda hanqinichaa ta'uu isaanii kan ibsu, akkaataa keeyyatni itti barreeffamu irratti beekumsa gahaa dhabu, hanqina shaakala keeyyata barreessuufi dhibaahummaa barattootaa akka ta'e beekameera.

Afaan Oromoo afaan itti dhalannedha, ni beekna jechuun, waanuma dogoggoraan barreessan akka sirrii ta'etti fudhachuu, seeraafi adeemsa keeyyataa eeganii barreessuu dhiisuun akka hanqina barattootaatti fudhatameera.

- Barsiisonni Afaan Oromoo barsiisanis maddi hanqina keeyyata barreessuu barattootaa akka ta'an argannoon qorannoo kanaa ni ibsa. Keessumattuu, dandeetti barreeffamaa barsiisuu keessatti gaheen barsiisaa inni guddaan dogoggora barreeffama barattootaa sirreessuufi yaad-deebii kennu ta'ee osoo jiruu barsiisonni hedduun kan xiyyeeffannaa itti hin kennineefi barattootaaf yaad-deebii gahaa kan hin kennine tahuu isaaanii qorannoon kun mirkaneesseera.
- Barsiisonni afaanicha barsiisan, ogummaa keeyyata barreessuu barattootaa gabbisuurratti xiyyeeffannaa gahaa kennaa akka hin jirre ibsameera.
- Kitaabileen dandeetti Afaan Oromootiin barreessuu barattootaa gabbisuurratti xiyyeeffataan baay'inaan kan qopha'an dhibuufi barattootni kan akka fakkeenyaatti itti gargaaraman dhibuu, Akkasumas yeroo odeeffannoo kana keessa barattootni tajaajila mana kitaabaa tekinoloojii odeeffannoo irratti hunda'e jechuun kan tajaajila interneetii qabu dhabuu.
- Qophiin sirna barnoota Afaan Oromoo kitaaba barataa keessatti, dandeettii keeyyata barreessuurratti xiyyeeffannoo kennuu dhiisuu. Wayiitiin torbaanii barnoota Afaan Oromootiif ramadame barsiisonni yeroo gahaa fudhatanii dogoggora barreeffama barattootaa akka sirreessaniif yaad-dubee kennaniif gahaa kan hintaanee ta'uun isaa ibsameera.
- Barattootni daree tokko keessatti barsiisaa tokkoon baratan heddummachuun gargaarsaafi to'annaa barsiisaan gochuu maluuf mijachuu dhiisuu.

Walumagalatti, qorannoo kana irraa wanti hubatamu barattootni kutaa 9$^{ffaa}$ mana barumsaa sadarkaa 2$^{ffaa}$ Booraa dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu irratti hanqinoota hedduu akka qabaniifi maddi hanqinoota kanas barattoota, barsiisotaafi sirna barnootaa kan ilaallatu tahuun beekameera.

### 5.3. Yaada Furmaataa

Argannoo qorannoo armaan olii irratti hunda'uun yaadni fuurmaataa armaan gadii kennameera.

- Keeyyata gaarii barreessuun ogummaa shaakala walitti fufaa barbaadudha. Kanaafuu, barattootni daree barnootaa keessattis ta'e dareen alatti yeroo hedduu keeyyata barreessuu akka shaakalan utuu taasiifame gaariidha.
- Barattootni akkataa itti keeyyanni barreeffamu beekuu qabu. Keessumaa yeroo barreessan tartiiba tarsiimoo keeyyata barreessuu beekuu qabu. Keeyyata barreessun duraafi booda maal gochuu akka qaban hubachuu barbaachisa. Kanaafuu, barsiisonni Afaan Oromoo akkaataa keeyyata gaariifi guutuu ta'e barreessuun danda'amu irratti hubannoo gahaa barattootaaf kennuutu irraa eegama.
- Barattootni caasaalee keeyyataa sadan jechuun hima ijoo,callaafi goolabaa sirriitti adda baasanii beekanii ittiin keeyyata barreessuu qabu. Amaloota keeyyata kanneen akka walta'iinsa, tokkummaafi tartiiba yaadaa eeganii barreessuu danda'uutu irraa eegama. Kanaafuu, barsiisonni  rakkoon hanqina keeyyata barreessuu barattootaa beekumsa ga'aa dhabuu beekanii bakka rakkoo barattootaa addaan baafachuun keeyyata ulaagaa guutu barreessuu irratti beekumsaafi shaakala ga'aa barattootaaf kennuun filatamaadha.
- Barsiisonni barnoota Afaan Oromoo, barattoota daree barnootaa keessatti keeyyata barreessuu shaakalsiisuu qabu. Keeyyata barreessuu akka hojii maneetti qofa kennuu hin qaban. Haala yeroo wajjin yoo isaan rakkise bifa titooriyaaliin barattoota leenjisuun gaarii ta'a.
- Barsiisonni Afaan Oromoo dogoggora barreeffama barattootaa sirreessuufi yaad-deebii kennuuf toofta adda addaatti gargaaramuu qabu. Fakkeenyaaf, barattootni gareen akka waliif sirreessaniifi yaad-deebii akka waliif kennan gochuu qabu. Akkasumas, barsiisonni kun yeroo dogoggora barattootaa sirreessan yaad-deebii afaaniifi barreeffamaan kennuufiin ni filatama.
- Qopheessitootni sirna barnootaa, Afaan Oromootiif keessumatti ogummaa barreessuutiif xiyyeeffannaa olaanaa kennuu qabu. Akkasumas wayiitiin barnoota Afaan Oromootiif ramadamu ogummaa  barreessuu barattootaa kan yaada keessa galchuu barbaachisa.

- Baay’inni barattoota daree tokko keessa jiranii barreeffama barattootaa hordoffiifi yaad-deebii kennuuf mijataa miti. Waan kana ta’eef manni barumsaafi waajjirri manneetii barnootaa itti yaadee daree barnootaa babal’isuufi barsiisaa gahaa ta’e ramaduun qulqullina barnootaaf haala mijeessuu qabu.
- Biiroon barnoota Oromiyaa kitaaba barataa gaha manneetii barnootaaf raabsuu qaba. Akkasumas, mana kitaabaa, barruulee guutuufi tajaajila interneeti qabu rakkoo argamsa kitaabileefi barruulee ni salphisa waan ta’eef.

## Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa,(2010).Natoo,yaadrimee caaslugaAfaanOromoo Finfinnee:Mega printing press.

Adrian,D. (1988). English.A Training Course for Teachers. Cambridge University press.

Ali, A. K, and Masomeh, A. (2014). *Error Analysis and Paragraph Writtin*g. Bushehr University of Medical Sciences, Busherhr.

Atkins, J. Hailom, B. and Nura, M. (1996). *Skills Development Methodology.*PartII. Addis Ababa: Addis Ababa University Printing Press.

Balaay Shifarraa. (2007). Dandeetti Barreessuu Gabbifachuu Keessatti Rakkoowwan Barattoota Kutaa 11 mudatan: Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa'inaa Shaambuutti. Finfinnee : Univarsitii Addis Ababa. Waraqaa Digirii Lammaffaa Guutachuuf qophaa'e kan hin maxxanfamiin.

Beekan Gulummaa,(2014). *Xiinxala Qulqullina Barreeffama Afaan Oromoo, (*Kan hin maxxanfamiin)

Byrne,D. (1988). *Teaching Writing Skills.* New Edition. Longman: Longman Group UK

Caudery, T. (1986). *What the "Process Approach" Means to Practicing Teachers of second language writing skills.* University of Aarhars, Denmark.

Cunningham, P.M. (2000). *Phonics They Use: Words for Reading and Writing.* Therd Edition Longman : Addison Wesley Educational Publishers Inc.

Dye,D.S.(2005). *How to Write a Pragraph.* Model Citizen Publications.

Gadaa Melbaa,(1988). *Oromia: An Introduction, Khartoum, Sudan.*

Geetaachoo Rabbirraa, (2015). *Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10.*Gulallii 4ffaa,Dhaabbata Maxxansiisaa Kurraaz Internaashinaal Finfinnee.

Glencoe, T.(1996). *Writer's Choice. Grammar and Composition.* Printed in USA.

Gragg,G. (1976). "*Oromo of Wollega" In The Non Semantic Language of Ethiopia,*ed. M.L.

Guth,H.P. (1989). *The Writer's Agenda.* San Jose state University: Wadsworth Publishing Componey California: USA.

Guutaa Fayisaa, (2007).Yaad-deebii Barreeffama Afaan Oromoo, Manneen Barnoota Sadarkaa

Lammaffaa kutaa 10 irratti kan xiyyeeffate. Finfinnee: Yuunivarsitii Addis Ababaa. Barreeffama hin qorannoo hin maxxanfamiin Digirii Lammataa Guuttachuuf Qophaa'e.

Hidge,T. (1988). *Teaching and Learning English Londen :* Long man UK Group Ltd.

Italo, B. (1999). *A Comparision of the effectivinness of teachers versus peer feedback on Addis Ababa University students writing Revisions.* Addis Ababa: Addis Ababa University-un published PhD. Desscrtation.

Jackson, K. & Trochim, W.(2002). *Concept mapping as an alternative approach for the analysis of open-ended survey responses.* Organizational Research Methods,5(4).

Langan, J. (2005).*College Writing Skils.6*$^{th}$Ed. McGraw-Hill. New York: America.

Lenzarry,L.(1999). *Literacy therugh Whole Language.* Pegui Publishers: USA, Canada. Limited.

McDonough and Shaw, C(1993). *Materials and Methods in ELT. A Teacher's Guide,* 1$^{st}$ Edition Oxford: Black well.

Michael, C. (2002). Teaching Through Text: Reading and Writing in the content Areas. APearson Education Company, Boston: USA.

Mohammedamin Hussen. (2015). Assessing Student's Paragraph Writing Problems: The Case of Bedeno Secondary School, Grade 10 English Class in Focus.Haramaya University-un published MA Thesis.

Oshima, A and Hogue. (2006). *Writing academic English.* Person Education: Longman.

Owl,P.(2009). *Paragraphs and Paragraphing.* Paragraph/ Paragraphs and Paragraphing. Htm.

Pajares, F and Johnson, M. (1994). *Confidence and Competance in Writing: The role of self efficiency, out come Expectance Research in the Teaching of English,P.*28/ 313-331

Raimes, A.(1983). *Techniques in Teaching Writing.*Oxford: Oxford University Press.

Tafarii Ayyaanaa. (2004). *Afaan Oromoo Kutaa 7-10.* Finfinnee, Aster Nega Publishing Interprise.

Ur,P. (1996). *A Course in Language Teaching.* Cambridge University Press.

White, R.V. (1980). Teachers Written English. London: Heineman Education Books Ltd.

**Yunvarsiitii Finfinnee**

**Dhabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa**

**Muummee Afaan Oromoo Sagantaa Digirii 2ffaa**

**Dabalee- A**

Ulaagalee barreeffama keeyyata gaarii, keeyyatni barattootni barreessan ittiin xiinxala mee qaacceeffame (A goog paragraph assessement worksheet or checlist)

1.1. Hima ijoo: keeyyatni kun hima ijoo qabaa?

1.2. Hima callaa/gargaartuu: Keeyyatni kun hima callaa 5-7 qabaa?

1.3. Hima goolabaa: Keeyyatni kun hima goolabaa qabaa?

1.4. Yaada tokkicha: Keeyyatni kun yaada ijoo tokkicha qabaa? Ykn tokkummaa qaba

1.5. Tartiiba ijaarsa keeyyataa: Keeyyatni kun tartiiba gochaaa, yeroo,bakkaafi yaadaa eegee barreeffamee akka barbaachisummaa isaatti?

1.6. Unka barreeffamaa

1.7. Qubeessuufi

1.8. Sirni tuqaalee keeyyatichaa maal fakkaata?

______________________________________________________________________________
______________________________________________________________________________
______________________________________________________________________________
______________________________________________________________________________
______________________________________________________________________________
__________________________________________________________

Addunyaa Lataa

**Yuunvarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa**

**Muummee Qo'annoo Afaaniifi Ogummaa Oromoo Sagantaa Digirii 2[ffaa]**

## Dabalee B

## Af-gaaffii Barattootaaf Dhiyaate

Jaallatamtoota barattootaa

Dhimmi af-gaaffii kanaa, madda hanqina ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu keessanii kan tahan beekuuf jecha odeeffannoo adda addaa walitti qabachuudha. Kanaafuu, bakka barataa buutanii waan argitaniif, hanqina ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu kanaaf kanneen madda ta'an maal fa'aa akka ta'an odeeffannoo haqaafi gadi fageenya qabu naaf kennitu jedheen abdiin qaba.

Galatooma!

Gaaffiilee armaan gaditti siif dhiyaatan kana ifa ta'eefi bal'inaan ibsi.

I. Maddi hanqina Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu keessan haala muuxannoo keetirraa ka'uun maalidha jetta?

1. Barsiisotadhaa ? Yoo barsiisota ta'an, sadarkaa kamirra kan barsiisanidha? Akkamitti ?

2 .Barattootadhaa? Yoo barattootadha ta'e, akkamittiin madda rakkoo kanaa ta'uu danda'an?

3. Hanqina meeshaalee barnootaati ? Akkamitti ?

4. Qophii sirna barnootaatii? Akkamitti ?

II. Madda rakkoo kanaati kan jettu kan biraan ni jiruu? Yoo jiraatan maal fa'aa ?

III. Furmaanni rakkoo kanaa malfaati?

**Yunvarsiitii Finfinnee**

**Dhabbata Qo'annoo Afaaniifi Gaazexeessummaa**

**Muummee Qo'annoo Afaaniifi Ogummaa Oromoo Sagantaa Digirii 2ffaa**

**Dabalee C**

**Af-gaaffii Barsiisotaaf dhiyaate**

Jaallatamtoota barsiisootaa

Dhimmi af-gaaffii kanaa madda hanqina dandeettii Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota keessanii kan tahan beekuuf jecha odeeffannoo adda addaa walitti qabachuudha.Dhimma kana ilaalchisee immoo muuxannoo qabdu jedhamee amanama. Kanaafuu, akka barsiisaatti waan argitaniif, hanqina ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu kanaaf kanneen madda tahan maal fa'aa akka tahan oddeeffannoo haqaafi gadifageenya qabu naaf kennitu jedheen abdii qaba.

Galatooma

Gaaffiilee armaan gadiitti siif dhiyaatan kana bal'inaafi gadi fageenyaan akkasumas haala ifa taheen ibsi.

I. Maddi hanqina ogummaa Afaan Oromootiin keeyyata barreessuu barattoota keessanii haala muuxannoo keetirraa ka'uun maalidha jetta?

1.Barsiisootadhaa? yoo barsiisota ta'an, sadarkaa kamirra kan barsiisan? Akkamitti?

2.Barattootadhaa? Yoo baratootadha ta'e, akkamittiin madda rakkoo kanaa ta'uu danda'a?

3. Hanqina meeshaalee barnootaati? Akkamitti?

4. Qophii sirna barnootaatii? Akkamitti?

II. Madda rakkoo kanaati kan jettu kan biraan jiruu? Yoo jiraatan maal fa'ii?

III. Furmaanni rakkoo kanaa maal fa'ii?

Addunyaa Lataa

IBSA

Ani maqaafi mallattoon koo armaan gaditti kan argamu waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa

Koo kan ta’eefi kanaan dura digirii gosa kamiifiyyuu kan hin dhiyaanne ta’uu isaafi wabiin itti

Gargaarame hunda kanan beeksise ta’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa Addunyaa Lataa

Mallattoo____________________

Guyyaa_____________________

Waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka inni dhiyaatu kanan mirkaneesse ta’uu koo nan beeksisa.

Maqaa Amaanu’eel Alamaayyoo (phD)

Mallattoo_________________

Guyyaa___________________